مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# تطور المنهج المقاصدي عند المعاصرين

الشيخ / طه جابر العلواني

# NAMOOTA AMMAYYAA BIRATTI GUDDINA ADEEMSA HUBANNOO

Qopheessaan:
Dr. xaahaa JaabirAl-alwaanii

Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2019

# تطور المنهج المقاصدي عند المعاصرين

## د. طه جابر العلوني

# Namoota hammayyaa biratti guddina adeemsa hunbannoo

Qopheessaan:

**Dr. Xaahaa Jaabir Al-alwaanii**

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2019 G.C**

**DF-E-TrBs-19/75**

**Namoota hammayyaa biratti guddina adeemsa hubannoo**
**Qopheessaan: Dr/ Xaahaa Jaabir**
**Al-alwaanii**
Hiikkaan: **Dar Alfiker**
Dhaabbata Xiinxala Islaama Idila Addunyaa

Maqaa Rabbii isa tola oolaa fi rahmata qabeessa ta’eetiin jalqabna

**Seensa**:……………………………………………………5
**Kaayyolee Qur'aanaa Gurguddoo Fi Sirnoota Sadeen Isaa**…………………………………………………...14
**Barbaachisummaa adeemsa keenna haaromsuu**……….15
**Kaayyolee bu'uuraa**……………………………………19
**Kaayyolee Qur'aanaa Karaalee fi mala gara hojiitti geeddarruun**…………………………………………22
**Beekkumsa Fiqhii Dhaala Dhufe Irra Deebi'anii Xiinxaluu:**…………………………………………24
**Fakkeenya jalqabaa: dhimmi dachee qooduu keessatti xiinxalaa fi gamaaggamu**…………………………24
**Fakkeenya lammaffaa: waraanaa fi nagaha keessatti hariiroo dhala namaa**…………………………….26
**Roga siyaasaa**……………………………………...28
**Jihaada**……………………………………………….28
**Meeshaa hundeen barbadeessu**………………………….42
**Roga hawaasummaa**……………………………...43
**Roga diinagdee**……………………………………55
**Meeshaalee wal jijjiirraa**…………………………57
**Dhaamsa xumuraa**……………………………….63

**Seensa**:
Moodela beekkumsaa irraa ka'uudhaan Dhugaa fi hubannoowwan hedduun qeeqa, xiinxalaa fi haaromsa gadi fageenyaa isaan barbaachisa. Kunis tattaaffii fi dandeettii waa uumuu irraatti kan hundaa'u yoo ta'u, adeemsa Qur'aana kabajamaa keessaa bahuu hin qabu.

Xiinxalli Islaamaa jaarraallee darban keessatti sirni haromsaa hedduun irratti taasifamee jira. Bu'aan sirna haaromsa kanaas yeroo irraa gara yerootti wal caala. Kana irraa kan ka'e garaa garummaan hubannoo uumamee jira. Kunis namootni haaromsa godhame kana fudhachuu fi dhiisuu irratti addaa addummaan ilaalchaa akka jidduu isaaniitti uumamu taasisee jira.

Jalqaba jaarraa 20ffaa keessa, xiinxalli Islaamaa rakkoo isaa muudataa ture furuudhaaf sochiileen haaromsaa hedduun taasifamanii jiru. Sababootaa fi wantoota xiinxala Islaamaa duubatti harkisuun haaromsa isa dhoorgan beekuudhaaf tattaaffii fi qorannoo cimaa godhanii jiru. Xiinxala Islaamaa waan duubatti hakisee baraaxesse hubachuun, ilaalchota xiinxala kanatti ala irraa itti dhufe hanbisuu fi wantoota isa keessaa badan deebisuuf sochiileen gara garaa taasifamanii jiru, Sochiileen tunniin ga'ee ol'aanaa taphatanii jiru.

Haasofni hayyoota Islaamaa yeroo ammaa tanatti godhamaa jiru, damee hundeen beekkumsaa (usul al-fiqhi) jedhamee beekkamu haroomsuun akka dirqama ta'e akeeka. Keessumaayyuu erga kitaaba mata dureen isaa "hundeen shari'aa wal simachuu" kan imam Al-shaaxibiin barreessan booda dubbiin kuni itti cimaa dhufee jira. Kitaaba "hundeen

shari’aa wal simachuu” jedhu kana kan gulaale hayyuu dr. Muhaammad Abdallah Darraaz jedhamu.
Yaaliin sheek Muhaammed Xaahir ibni Aashur murtiiwwan gara garaa dalagaa ilma namaatiin wal-qabattu ilaalchisee kahee tattaaffii cimaa fi gaariidha. Yaaliin hayyuun kuni taasisaa ture haala yeroo sanaa wajjiin kan deemtuu fi adeemsa sirna barnootaa cimaa ta’ee fonqolchanii baasuu wajiin kan wal simattuudha. Kunis danqamaa fi gufuulee hawaasa Islaamaa sadarkaalee hunda irratti isaan muudatan madaaluuf gargaara. Inbu Aashur adeemsa hayyuu Inu Kalduun fudhachuudhaan wanta Imaamu shaaxibii jalaa hafe fooyyeessee bifa guutuu ta’een baasee jira. Kunis namoota isa booda dhufaniif karaa banee jira. Keessumaayyuu kaayyowwan shari’aa sadarkaa ilaalchaa irraa bifa sirna qabeessa ta’een haala waliin jireenyaa fi amala namaa keessatti hojii irra oolchuudhaaf yaaliin inni taasisee hedduu bareeda. Yaalii isaa kana keessatti maatii fi kaayyoowwan murtii maatii irratti xiyyeeffate.1
Firiiwwan adeemsa kanaa marii fi haasawa hayyoota Jamaaladdiin Al-afgaanii fi Muhaammad Abdoo keessatti mulchuu eegalee ture. Isaanis barbaachisummaa adeemsa kana

---

[1] Qorannoowwanii fi kitaabonni hedduun dhimma kana irratti taasifamanii barreeffamanii jiru. Manneen barnoota sadarkaa ol’aanoo keessatti dameelee waa’ee kaayyoolee Qur’aanaa qoratanoo fi bu’aa isii madalan hedduunis hundeeffamanii jiru. Kuni gama isaatiin adeemsa kaayyoo Qur’aanaa gabbisuu keessatti gahee guddaa taphata. Dabalataanis falmii fi mormii gidduu hayyootaatti godhamu bira darbee gara sadarkaa hojii irra isa oolchuutti jijjiiramaa dhufuun jiruu namni guyyaa irraa gara guyyaatti jiraatu ta’ee argamee jira. Akka fakkeenyaatti kitaabota dhaabbatni xiinxala idila addunyaa barreesse ilaaluun ni danda’ama.

ragaa bahanii akka dagaagfamuu qabu dhaamanii jiru. Gama isaaniitiin hawaasaa fi qarooma dhala namaa keessatti beekkumsa seera Qur'aanaa ijaaruu eegalan. San booda barataan isaa Muhaammad Rashiid Ridaa karama kana qabatee itti fufe, hayyuun Maalik nabii jedhamu kitaabota isaa waa'ee qaroomaa, aadaa, fi hawaasummaa dubbatan keessatti adeemsa hayyoota kanaan dura darbanii hordoofee bifa hedduu miidhagaa ta'een dagaagsee barreessee jira. Dabalataanis hayyoonni hammayyaa hedduun dhimma kana gabbisanii qabachuu keessatti bu'uurawwan qur'aanaa irratti xiyyeeffatanii jiru. Yaaliin isaanii kunis gahee kaayyoon Qur'aanni kabajamaa seera hawaasummaa keessatti qabu ibsuudhaafi. Dhimmi kunis rakkoo fi gufuulee hawaasa hammayyaa kana muudatan akka kaasanii qoratan isaan dirqisiisee jira. Rakkoolee kanneen furuu fi deebii isaa barbaaduuf Qur'aana kabajamaa fayyadamanii jiru. Dhimmoota akka hiyyummaa, miidhaa, abbaa irrummaa, dhimma gahee dubartootaa fi kkf akka kaayyoo Qur'aanaatti kaasanii furmaata itti barbaaduudhaaf yaalii taasisanii jiru.

Akka fakkeenyaatti "adeemsa tokkummaa Qur'aanaa eeguu" kan hayyuun Muhaammad Abdallh darraaz jedhamu kitaaba mata duree (oduu cimtuu) jedhu keessatti bifa ifa gala ta'een barreeffame kaasuun ni danda'ama. Hayyuun kuni kitaaba isaa kana keessatti jechoota itti fayyadame Qur'aana keessatti keeyyata dheertuu fi dhimmoota adda addaatiin duroomtuu taateen walitti firoomsee lafa kaahee jira. Sunis aayaa suuraa Baqaraati. Hayyuun kuni walitti hidhamuu, fi wal-hiikuu

keeyyatoota Qur'aana kabajamaa kitaaba isaa kana keessatti ibsee jira.

Tattaaffileen hayyoonni Muslimaa yeroo irraa gara yerootti kaayyoo Qur'aanaa kabajamaa hubachuuf taasisan guddaadha. Adeemsaa fi akkaataa keeyyatoota Qur'aana, namni kamiyyuu bifa salphaa ta'een akka hubatu godhuu keessatti gahee ol'aanaa taphatanii jiru. Tattaaffiin isaan taasisan kuni jaarraalee dhihoo keessaatti kaayyoo keeyyatoota kanaa ifa baasuuf gargaaree jira. Kunis kaayyoo walii gala Qur'aana kabajamaa fi sona gurguddoo bifa ifa galaa ta'een ibsuuf yaalii fi tattaaffii cimaa erga taasisanii booda.

Jaarraalee darban keessatti hayyoonni Muslimaa kaayyoo keeyyatoota Qur'aanaa ibsuuf marii baldhaa taasisanii jiru. Aadeemsa Qur'aana kabajamaa hubachiisuuf qorannooleen Qur'aana irratti taasifaman hedduminaan akka godhaman waamicha dhiheessanii jiru. Akkasumas adeemsa Qur'aana fi Hadiisaa hubachiisuuf tattaaffileen qajeelfama afaanii, jiruu fi jireenya hawaasummaa, seenaa ummataa, barnoota afaanota ammayyaa, fi kkf irraatii taasifaman hedduu kan nama boonsaniidha. Wantoota armaan olitti dubbanne kanneen irraa hundee keeyyata Qur'aanaa osoo hin jijjiirre dhimmoota jiruu keenna keessatti itti fayyadamnu keeyyata Qur'aanaa kana irraa bifa salphaan akka hubannu nu qarqaara. Akka seerri amantaa Islaamaa itti nu ajajetti Yeroo barbaanne hundee keeyyata kanaatti deebi'uu qabna.

Barruuleen hammayyaa waa'ee dhimma kanaa irratti barreeffaman wanta walii gala irraa ka'uudhaan kaayyolee gurguddoo lafa kaayatan. Gara biraatiin immoo adeemsa wanta

walii galaa irraa ka'ee gara mamiitti nama geessuu qorannoo cimaa irratti taasisanii jiru. Kunis mormii wanta ifa gala fi mamii irratti taasifamu addaan baasuuf nama qarqaara. Wanta ifa galaa fi mamii of keessaa qabu mormuun yeroo dheeraaf hayyoota barnoota fiqhii biratti baratamaa dhufee jira. Sababa kanaaf hayyoonni hammayyaa wanta ifa galaa irraa ka'uudhaan adeemsa kaayyolee hedduu ijaaruuf tattaaffii cimaa taasisanii jiru. Kayyooleen kunis rakkoolee ilma namaa yeroo irraa gara yerootti muudattu furuu keessatti gahee ol'aanaa qaba jedhamee yaadama. Kayyooleen kunniin Nama murtii dhimma amantii (fatwaa) kennuuf karaa guddaa bantiif, abbaan alangaa akka dhimma seeraa hubatuuf isa qarqaarti, hayyuun hawaasummaa rakkoolee hawaasa mudatanii fi miidhaa ummata irra gahu hubatee akka furmaata waaraa barbaaduuf isa qarqaarti. Bifa kanaan namni kamiyyuu dandeettii fi kennaa isaa fayyadamee rakkoolee ciccimoo dhala namaa muudattu kamiyyuu furuuf kayyolee kanatti fayyadama jechuudha.

Sheek Xaahaa Jaabir al-alwaaniin dhimma kana ilaalchisee wantoota isa dura darban hedduu hubatee jira. Erga Qur'aana kabajamaa dubbisee hubatee booda kaayyolee keeyyatoota fi boqonnaalee Qur'aanaa Nabiyyoonni Rabbii hedduun irratti walii galan hubachuudhaan adeemsa jiruu baay'ee irraa fudhate. Kayyooleen sanneen bakka sadi gurguddootti gabaabsee lafa kaaye. Isaanis: Rabbiin tokkochoomsuu, luubbuu qulqulleessuu fi misooma baldhisuudha. Kaayyoleen sadeen tunniin hundee Rabbiin isa hawaa fi uumaa kana uumee, ilma namaaa immoo akka dachii tana misoomsuuf

bakka bu'ummaa itti kenne, jedhu irratti ijaaramte. Kanaaf wantoonni yeroo ammaa kana addunyaa kana irratti ta'an bu'aa hiriiroo ilma namaa, uumama laaffifamaa kanaa fi Rabbiin jiddutti taatu irraa kan dhalateedha.  Kunis dirree uumaa rabbii, fedhii fi misooma isaa yoo ta'u dirree dalagaan ilmi namaa misooma kana fiixaan baasuuf taasifamtus of keessatti hammata. Rabbiin tokkochoomsuun haqa Rabbii gabroota isaa irraa qabu yoo ta'uu tokkochummaa kanaan ala wantoonni kamiyyuu fiixa hin bahan. Kanaaf Nabiyyoonni Rabbii hundi isaaniituu dubbii tokkochummaa kana qabatanii dhufan. Qulqullummaan lubbuu namaa immoo dandeettii ilmi namaa bakka bu'ummaa keessatti qabu ibsiti. Ilmi namaa qulqullummaan ala ga'umsa bakka bu'ummaa argachuu hin danda'u. Kanaaf ga'umsa dachee tana misoomsuu hin qabaatu jechuudha. Uumaan tuni akka misoomsamtuuf uumamte. Keeyyatoonni Qur'aanaa hedduun kaayyoo kana qajeellotti ibsan. Osoo keeyyatoota kanneen walitti makanii ilaalanii hiikkaa Rabbiin gabbaruu namaaf kenniti.

Erga dhaala hundee barnootaa Islaamaa fi fiqhii qajeelatti dubbisee hubatanii booda, hayyuun Xaahaa Jaabir Alwaanii jadhaman, hayyoonni fiqhii garaa garummaa ragaa qabatamaa fi seetee addaan baasanii kaayuu akka qaban akeekanii jiru. Akkasumas jechoota fiqhii keessatti itti fayyadamnu tokko tokko ijaaruudhaaf falasamaa fi yaaddowwan amansiisaa ta'een hiikanii irraa fayyadamuu qabna. Akkasumas dubbiin kun kitaabolee fiqhii barreessuuf hedduu barbaachisaa akka ta'e lafa kaayanii jiru. Jechoonni akka ***waajibaa fi fardii, manduubaa fi mustahabbi, haraamaa fi mahzuuraa***, hiikkaa

jechoota akka galataa fi adabbii, jajuu fi arrabsuu wajjiin walitti hidhata akka qabaatanis ibsanii jiru. Akka hayyuun kuni ibsaniti rakkoon hundee barnoota Islaamaa fi fiqhii as irraa burqe jedhu. Kanaaf akka yaada isaaniitti kaayyoon barbaadamte asitti dhokatte ykn qajeelatti hin muldhanneetu jira. Yeroo silaa hayyuu Shaaxibii kaayyoolee kanneen ifaa taasisuuf yaalettis kaayyowwan bakka buutotaa bu'aa irraa fudhatamte taatee argamte, garuu dubbiin akkasii miti.

Hayyuun Xaahaa Jaabir Al-alwaanii jadhaman kana irraa ka'uudhaan dhimma jalqabaatti deebi'uun hedduu barbaachisaa akka ta'e dhaamee jira. Kaayyowwan gurguddoo fi safuuwwan dalagaa ilma namaa madaaluuf itti fayyadamnu irraa ka'uu qabana jedhan, san booda ibsa dubbii san waliin deemu ilaallee dalaguu fi dalaguu dhiisuu yaada jedhuun murtii kennuu ni dandeenna. Dubbiin kuni hayyoonni asiin duraa dhimma tokko osoo murtii isaa hin kenniin dura akkanuma godhan jechuudha. Hayyoonni Kanaan duraa dhimma wahii furuuf yoo barbaadan jechoota falaasamaa sadarkaa lammaffaa irratti ilaaalan qabu. Nuti gara keennaan kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo bira darbuu irraa jechoota falasamaa kanneen bira darbutuu filatamaadha.

Bifa Kanaan hayyuun Xaahaa Jaabir Al-alwaanii jadhaman kaayyoleen hayyuun Shaaxibii fi namoonni biroo lafa kaayan sadarkaa kaayyolee bakka butotaatti lakkawamani. Isaanis: kaayyoo wantoota barbaachisoo, kaayyoo fedhii namaa guutuu fi kaayyoo haajaa dabalataa argachuuti. *(daruuriyyaat, haajiyyaat, tahsiinaat)* kayyoleen kunniin kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo sadeeniin walitti hidhamuu qaban ture.

Isaanis tokkochuummaa Rabbii, qulqullummaa lubbuu fi dachee misoomsuudha.

Tokkochuummaa Rabbii, qulqullummaa lubbuu fi dachee misoomsuun kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo keeyyatoota Qur'aanaa irraa baqayfamaniidha. Sirni Kaayyoleen biroo akka barbaachisummaa isaatti as irraa baqayfamuu ni danda'u. Sirni kaayyolee kanneenii hundee tokko ijaaruuf akka qarqaaru godhuu qabna. Hundee kana irraa ka'uudhaa namni fatwaa kennuu fi namooni fatwaa barbaadanis gara beekkumsa Qur'aanaa fi Hadiisa ergamaa Rabbii bira salphamaan akka gahaniif qarqaara. Kunis keeyyatoota Qur'aanaa hubatanii qabatamaan gara hojiitti geeddaruuf gahee guddaa taphata. Yeroo tokko tokko jecha qofa irratti hundawa, yeroo kaan dalagaa jecha kana irraa dhufteen hidhata qaba gara biraatiin immoo dalagaa ergamaan (S A W) ibsee Rabbii isii mirkaneesseen wal qabata ykn jecha kallattiidhaan dalagatti jijjiiramuudha. Bifa kamiinuu yoo ta'e burqaan fiqhii ykn hundeen isaa kan ta'u, hundee Qur'aanaati. Wanta Qur'aanni kabajamaan fidee ergamaan Rabbii akka jiruu ilma namaattiif ta'utti gara hojiitti geeddara. Dhalli namaa Qur'aana kabajamaa kana hordofee, isaa hubatee gara hojiitti jijjiiruu diqama qaba jechuudha.

Kaayyolee kanneen akkamitti hojii irraa oolchina yaada jedhuuf, muuxannoo hayyoota dhimma kana ilaalchisee ittiin dhaabataniin walitti hidhannaa qaba. Ga'ee hayyootaa dhimma kana lafa qabsiisuu keessatti hedduu ol'aanaadha. Kaayyolee kanneen gara hojiitti geeddaruuf wanti akka bu'uuratti ilaalamuu qabu damee fiqhii hammayyaa ijaaruun hedduu

barbaachisaadha. Yoo dhimmoonni armaan olitti dubbanne kunniin wal qabatanii wal wajjiin hojjatan kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo kana salphamatti hojii irra oolchuu ni dandeenna.

Barbaachisummaan kaayyolee kanaa akka shari'aatti hiikkaa isaa beekuu osoo hin taane akkamitti adeemsa keeyyatoota Qur'aanaa waliin akka inni itti deemuu danda'uu uumuudha. Dandeettiin kaayyoleen kunniin qaban haala jiruu ilma namaa yeroo ammayyaa kana jiraatu walii walitti hidhannaa cimaa qabaachuu isaati. Kanaaf namni rakkoo ammayyaa furuuf tattaaffii taasisu kamiyyuu murtiilee shari'aa keeyyatoota Qur'aanaa irraa baqayfatee akka beekuuf isaa qarqaara. Akkasuma akkamitti gara hojiitti akka hiikuu qabuu fi bu'aa tattaaffii isaa salphamatti argachuu ni danda'a. gara biraatiin immoo marii fi wal dhabbii yaadaa dhimma fiqhii irratti ka'uufis deebii gahaa kennuuf isa qarqaara. Kunis bu'aan hawaasaa eeggamee dharaa fi badiin akka bakka hin arganne taasisa. Wahyiin Rabbii namoota dhuunfaa, maatii, hawaasaa fi cufuma dhala namaaf bu'aa buusee gara hojiitti akka galamu nama qarqaara jechuudha.

Mariin nuti kitaaba kana keessatti fidne asuma irraa ka'eeti. Kunis damee kaayyoo Qur'aanaa akkaan barbaachisaa ta'ee akka uumuuf nu qarqaaree jira. Yaada kana qoratee kan nuuf dhiiheesse hayyuu Xaahaa Jaabir nama jedhamuudha. Marii kuni dandeettii kaayyoolee hayyuun kuni xiinxallee, ga'ee inni jiruu ilma namaa fooyyessuu keessatti fiduu fi kaayyoleen kunniin bifa kamiin gara hojiitti akka hiikamuu qabanis qajeelatti ibsuuf yaalee jira. Kunis sirna kaayyoolee Qur'aanaa

gurguddoo sadan, tokkochummaa Rabbii, qulqullummaa lubbuu fi dachee misoomsuu yaada jedhu kana akkamitti lafa qabsiifnee deema kan jedhus bifa barbaachisaa ta'een lafa kaayee jira.

**Zeeynab Al-alwaanii**

### Kaayyolee Qur'aanaa Gurguddoo Fi Sirnoota Sadeen Isaa Tokkochummaa Rabbii, Qulqullummaa lubbuu fi dachee misoomsuu

**Gaafii**: nuti hawaasa dhihaa keessa jiranna, guyyaa irraa rakkoolee aadda addaatu nu muudata, garuu namoonni rakkoo isaan muudatu kana furachuuf jecha wanta haraamaa tokko rakkoon waan jiruuf akkuma jirutti itti fayyadamu waan jedhu dhagahuu ni feenu. Ykn namoonni tokko tokko wanta nuti yeroo hundee fiqhii barannu fudhatama hin qabu jennee lafa keenne filannoo ofii keessa galfatu arguu hin barbaannu. Sunis wanta hayyoonni Kanaan duraa *qiyaasaan* lafa kaayan irratti *qiyaasa* biraa uumuudha. Dubbiin kuni hayyoota barnoota hundee Islaamaa biraati dhoorgamaadha. Sababni isaas wantuma duraan qiyaasaan raggasifame irratti murtii ykn fatwaa kennuu waan ta'uufi. Namoonni hedduun isaanii dhimma kana fayyadamanis hayyoota barnoota hundee Islaamaa biraati walii galteedhaan dhoorgama.

As irraa ka'uudhaan yaada isin kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo erga Qur'aana kabajamaa jalqaba irraa hanga xumuraatti qorattanii kaayyolee sadi tokkochummaa Rabbii, qulqullummaa lubbuu fi dachee misoomsuu jedhu fiddanii

booda dhimma kana namoonni hedduun qajeelatti xiinxalluu eegalanii jiru.
Dhimma kana ilaalchisee anis gama kiyyaan yaadonni adda addaa akka ka'an hubadhee jira. Namoonni tokko tokko kaayyolee Qur'aanaa sadiinuma tana qofa irratti gabaabachutti waaman. Namoonni gariin immoo kaayyoleen kunniin yeroo lafa kaayaman akkamitti akka dalagaa irra oolan hin ibsamne jedhu. Namoonni biroo immoo yaadni kuni kabaja amantaa Islaamaa waan ibsuuf yaaduma Kanaan dura darban wajjiin wal fakkaata jedhanii bira taran. Kanaaf namoota dhimma kana dubbisan qarqaaruu fi yaada kana dafnee hojii irra oolchuudhaaf ibsa gahaa kennuun, mariidhaaf karaa banuu qabdu. Namni yaada kanatti dhimmamu kamiyyuu hiikkaa jechoota kanaa qajeelatti hubachuu qaba. Akkamitti jechoota kana akka argattanii fi akkamitti akka hojii irra oolchinus nuuf ibsa. hayyoonni fiqhii fi barnoota hundee Islaamaa akkamitti akka itti fayyadamanii fi murtiilee Qur'aana kabajamaa irraa dhufe ittiin argatanis ifa nuuf taasisaa, akkasuma hadiisa ergamaa Rabbii bifa kamiin kaayyolee kana waliin wal simsiisuun lafa qabsiifnee gara hojiitti akka geeddaru nuuf ibsaa?

### Barbaachisummaa adeemsa keenna haaromsuu

**Deebii**: barnoota amantaa Islaamaa kan jalqabe bara 1949 **AlA**. tooftaa aadaatiin sheekota masgiida keessatti barnoota amantaa Islaamaa barsiisan irra barachuu jalqabe, waqaa ragaas hedduu isaanii irraa fudhadhee jira. sheekkota sanneen keessaa muraasni: she/ Abdulaziiz Alsaamirii, Sheekaa fi

imam Iraaq kan duran Iiraq Alarab fi Iiraaq Alajam, Shek/ Amjad Alzahaawii kan fiqhii hanafii fi hundee isii irratti waraqaa ragaa naaf kenne, kan waraqaa ragaa walii gala naaf keenne immoo sheeka kiyya Hafiid Abii Alsanaa'i, hanga du'a isaaniitti (1954) mufti Iiraq kan turan Qaasim Alqeeysi, Sheek/ Abdulqaadir Alkaxiib, kaxiiba masgiida Imaam Ala'azam kan duran Abii Haniif Alnu'imaan, sheek/ Muhaammad Alqazlajii. Ergasii sheekkota kiyya kan biyya gibtsii irratti baradhe isaan keessaa obleeyyan lamaan sheek/ Musxafaa fi Abdulganiyi Abdulkaaliq, sheek/ Musxafaa Mujaahid, sheek/ Xaahaa Aldiinaarii, sheek/ jaahid Al-rabbi Ramadaan, sheek/ Muhaammed Alsaayis, sheek/ Iisaa Munuun, xumura irratti sheekni kiyya kan ani irratti waan heedduu biyya Sa'uudiitti irratti baradhe sheek/ Abdulaziiz ibni Baazi, turani. Sheek/ Ibnu Useeminiin immoo yeroo hedduu marii adda addaa waliin goonee wal fayyadaa turre. Sheekni kuni akka hiriyyoota isaatti na ilaala ture. Rabbiin isaan hundaawuu haa araaramu, tola gaariis haa kennuufi.

Barnoota amantaa Islaamaa kana erga xumuree fi osoo hin xumuriniin durayyuu barnoota kana masgiidotaa kollejjiilee, univaristiilee fi iddoo adda addaatti nama barsiisuu jalqabee ture. Univaristii Al-immaam Muhaammad inbu Sa'uud keessatti naannoo waggaa kudhaniitiif fiqhii fi hundee isii barsiisaa ture. Qorannoolee damee kana irratti taasifaman hedduu isaanii hogganee jira. Barattoota narratti baratanii yeroo amma tana univaristiilee dhihaa fi bahaa keessatti barsiisaa jiran hedduu qaba kunis baay'ee na boonsa. Imala dheeraa kana booda gara biyya Ameerikaa deemee achi

jiraachuu jalqabe. Waggaa 25 oli umrii kiyya irraa biyya kana keessa jiraataa jira, halkanii fi guyyaa hunda gaafilee torbaa hanga kudhaniitu dhimma yeroon uumteen wal qabatee ijannoon amantii Islaamaa fi murtiin isaa maal akka ta'e gaafatamaa oola. Gaafilee sanneen keessa harki 95% rakkoo yeroon ammaa uumte waan ta'eef hayyoonni fiqhii Kanaan dura turan gaafii akkanaa kanaaf deebii waan hin kennineef kitaabota isaanii keessatti hin argine. Kitaabota (mugnii Ibnii Qudaamahf), (Muhalli Ibni Hazmif), (Almabsuux Sarkasiif), (Alummi Shaafi'iif), kitaabota gurguddoo kana keessa deebii onnee namaa jiiftee qoma namaa qabbaneessitu argachuu hin dandeenne. Enumaayyuu deebileen kitaabolee gurguddoo kanneen keessatti argadhu qoma kiyya na dhiphisuun yaada guddaa natti taate. Deebilee kannee afaan kiyyaan dubbachuun hedduu natti ulfaate. Yeroo tokko tokko kophaa kiyya taa'ee booya, dhiphina guddaa keessa galee hanga Qur'aana qara'utti booyicha kana dhiisuu hin danda'u. Qur'aana qofatu jechoota isaa filatamoo, babbareedoo fi hiikkaa isaa ifa galaadhaan onnee tiyya naa jiisee qoma kiyya naa qabaneessa.
Xumura irratti wanti ani irra gahe rakkoolee yeroon ammayyaa uumte tanaaf dhaala fiqhii keenna Kanaan furmaata barbaaduu akka hin dandeenneedha. Keessumaayyuu warroota biyyoota dhihaa keessa jiraataniif. Gaafii yeroon ammayyaa uume kanaaf beekkumsa fiqhii dhaalaan dhufan qabannee deebii barbaanna yoo jenne wanta hin fakkaanneedha. Sababni isaas gaafileen yeroo amma kana ka'aa jiran kan yeroo beekkumsi fiqhii hayyoota fiqhii keennaan bocamaniin garaa garummaa guddaa qaba. Yeroon nuti amma keessa jiraannu kuni yeroo

isaan keessa jiraataniin guutumaan guututti garaa garummaa guddaa qaba. Yoo beekkumsa fiqhii dhaalaan dhufan qabannee gaafilee yeroo ammayyaa uumaman kanaaf deebii barbaanna jennee kan yaadnu taate kufaatii guddaa keessa seenna. Ijoolleen teenna yaadaa fi xiinxala warra dhihaa Kanaan uumameen liqinfamanii hafu. Jechi keenna kan Islaamummaan rakkoo uumamu kamiifuu furmata, yeroo fi bakka kamittu amantiin filatamaan Islamummaadha jedhu kijibsiisaa dhufa. Islaamummaan jiruu ilma namaa deebisee ijaaruu ni danda'a yaada jedhus gatii dhabsiisaa dhufa. Walumaa galatti yaadni fi jechoonni nuti asii olitti kaafne kuni hundi yaada ittiin dhaadatan malee kan hojiif ta'uu miti jechisiisa.

Deebii rakkoolee yeroo keenna Kanaan gutumatti wal dhabuuf dhiyaate rakkoo ammayyaa furuuf itti fayyadamuun yoo danda'amuu baates hedduu rakkisaadha. Keessumaayyuu sirnaa fi seera oomishuu fi raabsuu ilaalchisee jijjiiramoonni sirna siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee fi aadaa muudattee yeroo keenna kana yeroo darbeen addaa addummaa guddaa akka qabaatu gootee jirti. Addaa addummaan yeroo ammaa tana nuti arginu tuni beekkumsa fiqhii dhaalaan dhufan qabannee deebii jaarraa darbee fi jaarraa ammayyaa kana riqichaan walitti hidhuu rakkoolee amma nu muudataniif furmaata gahaa hin kennu akkasumas karaa sirrii irra nu hin kaahu.

Kanaaf gara Qur'aana kabajamaa deebi'uun dirqama ta'a. Qur'aanni kabajamaan dirree qulqulluu ergamaan Rabbii (SAW) ummata isaatiif dhiisee deemeedha. Rakkoolee uumaman hundaaf furmaata kan barbaadu isa qofa. Qur'aanni

kabajamaaan kitaaba uumaa hunda of keessatti hammatuudha. Yeroo fi bakka wahii qofaaf ykn rakkoo murtaawaa wahii qofa hiikuuf kan dhufee miti. Kitaaba walii gala waan ta'eef rakkoo uumaa kana keessatti uumamuu fi sochii ilma namaa hundaaf furmaata kan kennuudha. Kitaabolee Nabiyyoota Kanaan dura darbanii keessatti wanti jallate yoo jiraate kan sirreessuu fi karaa irratti deebisuu danda'u Qur'aana kabajamaa kana qofa. Kitaabolee kanneen hundaa kan of keessatti hammatee qabatuu danda'u Qur'aana qofa. Qur'aanni kabajaman kan Rabbiin guddaan akkana jedhee isa ibseedha. (Qur'aanni kabajaman wanta hundaaf ibsa kenna) wanti Qur'ana keessa kan hin jirre kamiyyu hin jiru, wanta namoonni irratti wal dhaban hunda isaatiif ibsa kan kennuudha. Wanta dhugaa ta'e hunda waan of keessatti hammatuuf namni kamiyyuu Qur'aana kabajamaa waan fakkaatu fiduu hin danda'u.

### Kaayyolee bu'uuraa

Erga Qur'aana kabajama kana xiinxallee hubadhee booda kayyolee bu'uuraa suuraaleen Qur'aanaa fi keeyyatoonni isii of keessatti hammattu bakka sadihitti gabaabsinee kaahee jira.

Kaayyoon inni duraa fi jalqabaa **tokkochummaa Rabbiiti**. Kana jechuun rabbummaa, gooftummaa fi maqaa Rabbii guddaa addaa baafnee qabachuu jechuudha. Wantoota kanneen sadeen keessatti qaamni kamiyyuu Rabbiin waliin qooda ykn hirmaannaa keessatti hin fudhatu. Kaayyoon kuni hangafaa fi irra cimaa kaayyolee Qur'aanaati. Barbaachisummaa isaa keessatti kaayyoon kamiyyuu isaa waliin wal dorgomuu hin danda'u. Yeroo waan tokkochummaa Rabbii dubbannu

wantoota dabarsine sanneenitti dabalee mootii waan dhokataa ta’ee beekus of keessatti hammata. Sababni isaas tokkochummaan Rabbii bu’uura wantoota dhokatoo ta’an kan uumamanii fi hin uumaminis beekuudha. Kayyoon kuni dalagaa ilma namaa xiinxaluu fi madaaluu irratti waan ijaarameef dalagaan ilma namaa bifa bayeessaanis ta’ee bifa dabeessaan kayyoo Kanaan hubamuu ni danda’a.

Kaayyoon Qur’aana kabajamaa inni lammaffaan **qulqullummaadha**. Qulqullummaan ilmi namaa mataa ofiitiif, naannoo ofiitiif, sirana jiruu ofiitiif, hawaasa isaatii fi wantoota hariiroo isa waliin qaban hundaaf taasisu of keessatti hammata. Ququllummaan badhaadhina ilma namaatii fi dandeetti ilmi namaa waada Rabbii isaatiif oole hojii irra oolchuus of keessaa qaba. Dhalli namaa bakka bu’ummaa dachee kanaa fudhatee itti gaafatamummaa fi waadaa amaanaa Rabbii isatti keenne fixaan baasuu fi qormaata rakkoo isaa muudatu hunda bira darbuuf qulqulluimmaa qabaachuu qaba. Rabbiin akkana jedha

قَدۡ أَفۡلَحَ مَن زَكَّىٰهَا ۝٩ وَقَدۡ خَابَ مَن دَسَّىٰهَا ۝١٠ الشمس: 9-10

***Namni lubbuu ofii Qulqulleesse badhadhina fi offoltii argate, namni isii xureesse hoongahe***. (Alshamsi 9-10)

Sababa kanaaf Qulqullummaan lubbii dhimma bu’uuraa keessatti waan laakkawamuuf bira darbuun nama rakkisa. Suuraaleen Qur’aanaa fi keeyyatoonni tokkochummaa Rabbiitiin hariiroo qaban hundi isaaniituu, qulqullummaa lubbii waliin hidhata cimaa addaan baasuun nama rakkisu qaban. Sababa kanaaf qulqullummaan dhimmoota hedduu keessatti urjii Qur’aana kabajama taate.

Kaayyoon Qur’aana kabajamaa sadaffaan **dachee tana misoomsuudha**, dachee misoomsuu jechuun uumaa kana deebisanii ijaaruu fi biqiltoota du’an deebisanii jiraachisuudha. Akkasuma wantoota Rabbiin guddaan jiruu ilma namaa kanaaf laaffise irraa fayyadamuudha. Rabbiin wantoota hundaahuu geengoo isa faarsuu keessa kaaye. Dacheen yoo irratti hin facaasin ykn mana irratti hin ijaarin akka qaama du’eetti fudhatamti. Isii jiraachisuun qotanii itti facaasuu fi gamoollee jireenya namaatiif ta’an irratti ijaaruudhaan argama.
Dalagaan ilma namaa firii kan godhattu yoo kaayyoleen bu’uuraa sadeen walitti dhufanii wal simatan qofa. Dalagaa kamiyyuu yoo dalagnu kaayyolee sadeen kanneen of keessatti hammachuu isaanii xiinxaluu qabna. Madaalliin dalagaa kamiituu bifaa bayeessas ta’ee bifa dabeessaan kaayyolee bu’uuraa sadeen of keessaa qabaachuu qaba. Dalagaan gaariin, fudhatama qabuu fi seera qabeessa ta’e kan tokkochummaa Rabbii irraa burqeedha. Sunis jajjabinaa fi humna qabeessa ta’uu isaa miira keenyaan hubachuu ni dandeenna. Yeroma wal fakkaataa kanatti dalagaan gaariin qulqullummaa lubbuu gaafata. Xumura irratti immoo dalagaan gaariin fudhatama qabu kuni dachee misoomsuun walitti hidhata qaba. Dalagaan gaariin kamuu bifa Kanaan ijaaramnaan dhimmi dachee balleessuu fi faaluun hidhata tokkolee qabaachuu hin danda’u.
Kaayyoleen armaan olitti dabarsine kunniin kaayyoo bu’uuraa Qur’aana kabajamaa irraa fuudhamteedha. Sirni Kaayyoleen biroo akka barbaachisummaa isaatti as irraa baqayfamuu ni danda’u. Sirni kaayyolee kanneenii hundee tokko ijaaruuf akka qarqaaru godhuu qabna. Hundee kana irraa ka’uudhaa namni

fatwaa kennuu fi namooni fatwaa barbaadanis gara beekkumsa Qur'aanaa fi Hadiisa ergamaa Rabbii bira salphamaan akka gahaniif qarqaara. Kunis keeyyatoota Qur'aanaa hubatanii qabatamaan gara hojiitti geeddaruuf gahee guddaa taphata. Yeroo tokko tokko jecha qofa irratti hundawa, yeroo kaan dalagaa jecha kana irraa dhufteen hidhata qaba gara biraatiin immoo dalagaa ergamaan (S A W) ibsee Rabbii isii mirkaneesseedha ykn jecha kallattiidhaan dalagatti jijjiiramuudha. bifa kamiinuu yoo ta'e burqaan fiqhii ykn hundeen isaa kan ta'u, hundee Qur'aanaati. Qur'aanni kabajamaan fidee ergamaan Rabbii akka jiruu ilma namaattiif ta'utti gara hojiitti geeddara. Dhalli namaa Qur'aana kabajamaa kana hordofee, isaa hubatee gara hojiitti jijjiiruu diqama qaba jechuudha.

Akka adeemsa Qur'aanaa fi muuxannoo ergamaan Rabbii hiriyyoota isaatiif kennan irraa ka'uudhaan rakkoolee murtii fiqhii Qur'aanaa babaadanii fi gaafilee yeroo ammaa ka'aniif furmaata kennuuf, wanti yeroo ammaa irratti dalaguu barbaachisu bifa kamiin kaayyolee Qur'aanaa sadeen kana gara hojiitti jijjiirree hundee fiqhii Qur'aanaa ijaaruu dandeennaa dhimmi jedhuudha.

## Kaayyolee Qur'aanaa kana Karaalee fi mala gara hojiitti geeddarruun

Yeroo sirna kana ijaarruuf tattaaffii taasisnu Rakkoon cimaan nu muudate sirna kuni sirna namni salphamatti fudhatee gara hojiitti jijjiiru miti jedhanii warroota yaada nuuf kennaniidha. Sirna kana hojii irra oolchuuf wantoota naannoo keenyatti

adeemsifamaa jiran baldhifnee hubachuu, kallatiilee isaa beekuu, wantoota yeroo irraa gara yerootti jijjiiraman hubachuu, dandeettii rakkoo walii gala fi gar tokkee addaan baasanii ilaaluu gaafata. Shakkii tokko malee tattaaffiin akkanaa kuni immoo hayyoota gurguddoo dameelee barnoota adda addaa keessatti waa'ee uumaa fi hawaasummaa qoratan biratti argama. Rakkoolee yeroon uume qoratanii, jijjiirama uumamu ilaalanii, rakkoolee uumamuuf furmaata barbaadanii, gaafilee waa'ee kaayyolee sadanii ilaallatu hunda hubatanii deebii akka barbaadaniif namoota hedduu ta'uu isaan barbaachisa, dameelee barnoota hawaasummaas qajeelatti beekuu qabu. Akkasuma hayyoonni kunniin barnoota walii gala uuma beekuun rakkoolee fi gaafilee dhala nama muudatan bifa ammayyaan qajeelatti akka lafa kaayaniif isaan qarqaara.

Hayyoonni akkana hawaasa keessatti yoo argaman kaayyoleen Qur'aanaa gurguddoon salphamatti hojii irra ooluu ni danda'u. Kunis jiruu ilma namaa fooyyessuu fi qajeelluma isaa keessatti gahee ol'aanaa akka taphattu taasisa. Kana jechuun hawaasni Muslimaa yeroo amma kana namoota dameelee barnoota gara garaa keessatti ga'umasa adda addaa qaban hedduu nu barbaachisa jechuudha.  Namoonni akkanaa kunniin bifa walitti dhaabataa ta'een wal wajjiin ta'anii kaayyoleen Qur'aanaa gurguddoo irra ka'uun rakkoolee fi gaafilee yeroon uumtuuf furmaata barbaaduu qabu. Namoota dameelee barnoota gara garaa keessatti ga'umasa adda addaa qaban kanneen argachuuf dhabbilee barnoota ol'aanoo sagantaa baruu fi barsiisuu sirritti filattee namoota akkanaa kana oomishitu qabaachuu qabna.

## Beekkumsa Fiqhii Dhaala Dhufe Irra Deebi’anii Xiinxaluu:

### Fakkeenya Hojiin Deeggarame

Muuxannoo Kanaan duraa akka qormaata fakkeesinee sammuu namaatiif salphisuuf dhimmoota beekkumsi fiqhii Kanaan dura ture waldhaansoo godhee, rakkoolee uumamaniif furmaata kenneef irra deebinee xiinxalluun wanta akkaan barbaachisaadha. Kaayyoon keenna dhimmoota sanneen irra deebinee yoo ilaallu hayyoonni fiqhii Kanaan dura turan murtiileen isaan kennan, hangam tokko akka kaayyolee gurguddoo Qur’aanaa fi kayyoolee biraa jiran wajjiin akka wal simsiisanii lafa kaayan xiinxallinee hubachuudhaafi.

### Fakkeenya jalqabaa: dhimma dachee qooduu keessatti xiinxalaa fi gamaaggamu

Dhimmi dachee bakka lamatti qooduu, dachee lolaa, dachee waadaa fi nagahaa jedhu yoo irra deebinee xiinxallinuu fi ragaalee kaayyolee Qur’aanaa gurguddoo wajjiin yoo wal qabsiifnu dachee bifa Kanaan qooduun dhimmaa yeroo murtaawaa wahii waliin wal qabatuudha. Kanaaf dhimmi kana gara seera qabeessaa fi akka amantaatti osoo hin fudhatamne jijjiiruun dirqama. Sababni isaa hubdee barnoota fiqhii keessatti bakka waan hin qabneefi. Kunis sababoota adda addaatiifi, sanneen keessaa tokko dhimmi tokkochummaa Rabbii yoo xiinxalline Wanta namani lubbuu tokko irraa uumameef yeroo hunda tokkummaa dhala namaatti waama. Kanaaf dacheen akka mana maatii tokkoo fi dhaloota nama hundaa waan taateef takka taasisuun dirqama.

Asitti wanti dabalataan ilaalamuu qabu, kaayyoon dacheen uumamtee fi dhaloota nama kamiyyuu wanti taateef, mana guddaa maatiin ilma namaa hanga fedhes guddatu keessa jiraatu haa taatuufi. Wantoota isii keessatti uumaman kan akka nyaataa fi dhugaatii dabalatee ijoolleen maatii kanaa wal wajjiin itti haa fayyadamaniifi. Shoorri tokkummaan ilmi namaa fi tokkuummaan dachee qabdu qoqqoodamiinsa kana keessummeessuu hin dandeettu. Garuu yeroo murtawaan tokko qoodamiinsa kana fiduu ni danda'a, ta'uus akka seera amantaatti fudhatanii karaa godhachuun hin danda'amu.

Dhimma kana ilaalchisee roga qulqullummaa lubbuutiin yoo ilaallu, amalli nama Muslima tokko namoota addunyaa irra jiran kana hunda caalaa filatamaa akka ta'ee beekkamaadha. Yeroon lolaa immoo yeroo adda taatee fi ilaalchi namaa keessatti jijjiiramu ta'uu ni hubanna. Muldhanni walii gala dhalli namaa qabus yeroo kana akka jijjiiramu beekkamaadha, jijjjiiramni amala namaa keessatti uumamaa dhufu kuni namoonni dachee tana keessatti akka wal ajjeesanii fi diinummaa jidduu isaaniitti babaldhisan godhaa dhufa. Oduu ijoollee Adamiin Rabbiin fakkeenya tokko nuuf himee jira[2]. Kunis hundi isaatuu bifa qulqullummaa wajjiin wal dhaba. Gara sadarkaa fokkataa fi xuriitti akka gadi deebinu nu taasisa. Dhalli nama dachee tana wantoota fokkataa Kanaan xureessuun muldhata walii gala irraa dabuu fi amala badaa dhaalutti nu geessa. Kunis uumaa tana keessatti akka dhalli namaa itti fayyadamuuf jecha wantoota isaaniif laaffifaman barbadeessuun dachee tana balleessuutti nama geessiti.

---

2

Rakkooleen kuni hundi kan uumamaniin karaa dogoggoraatiin tolchuudhaaf yaalii taasifaman irraayi. Dhimma kana addaan baldhisanii ilaaluu yoo barbaachise akkauma jenne jijjiiramoota hedduu uumaman hubachuu fi qorannoolee adda addaa taasisuu qofanii.

## Fakkeenya lammaffaa: waraanaa fi nagaha keessatti hariiroo dhala namaa

Dhimmi bu'uuraa Hariiroo dhala namaa ilaaluudhaaf nagaha moo waraanaa? Yeroo baay'ee wantoota dhaalaan nu dhaqqaban irraa yaadota hedduu wal fallessan argina. Garuu kaayyoolee Qur'aanaa gurguddoo ilaaluun dadhabinaa fi ifaajee qorannoo fi qu'annoo irraa nu baraaruu danda'a. wanti namni kamiyyuu irratti walii galuu qabu bu'uurri jiruu namaa hundi isaaniituu walii ta'anii diina isaanii kan ta'e sheeyxaana irratti duula banuudha.

وَقُل لِّعِبَادِى يَقُولُوا۟ ٱلَّتِى هِىَ أَحْسَنُ ۚ إِنَّ ٱلشَّيْطَـٰنَ يَنزَغُ بَيْنَهُمْ ۚ إِنَّ ٱلشَّيْطَـٰنَ كَانَ لِلْإِنسَـٰنِ عَدُوًّا مُّبِينًا

﴿٥٣﴾ الإسراء : 53

Gabroota kiyyaan waan gaggaarrii dubadhaa jedhu, dhugamattii sheeyxaanni jidduu isaanii waan balleessuuf, dhugamatti sheeyxaanni ilma naaatiif diina ifa galaadha. (Israa'I 53)

يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱدْخُلُوا۟ فِى ٱلسِّلْمِ كَآفَّةً وَلَا تَتَّبِعُوا۟ خُطُوَٰتِ ٱلشَّيْطَـٰنِ ۚ إِنَّهُۥ

لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ ﴿٢٠٨﴾ البقرة : 208

Yaa warra Rabbitti amantan, Islaamumaa keessatti guutumaan guututti seenaa, sheeyxaanni diina keessan ifa bahaa waan ta'eef tarkaanfilee isaa hin hordofinaa (Albaqara 208)

Tokkummaa namaa addaan baasuuf qaamni tattaafatu sheeyxaana qofa. Kanaaf waraannii fi lolli kan uumamu muldhanni walii gala dhalli namaa silaa qabaachuu qabu waan kallatti isaa irraa dabeefi. Wanta Rabbiin ilmi namaa akka wal beekee waliin jiraatuuf jecha uume kan akka bifaa fi afaan isaanii gara wantoota wal dhabbii fi garaagarummaa uumutti jijjiiruun kallatti barbaachisu irraa dabuu akeeka. Kunis gara lolaa fi wal dhaansoo hin barbaachifneetti akka geeddaramu taasisee jira. Gara kaayyolee Qur'aanaa gurguddootti deebi'uun kallattii dhala namaa sirreessuuf, muldhata isaa jabeessuuf, wantoota wal dhabbii fi wal dhaansotti geessan hunda kaasuudhaaf gahaadha.

Dhimma mirga dhala namaatiin wal qabatu bilisummaa keessatti ilaaluun ni danda'ama. Bilisummaa amantii, bilisummaa socho'uu, bilisummaa lubbuun jiraachuu, bilisummaa qabeenya horachuu fi bilisummaan dhuunfaa mirga walii gala dhala namaa keessatti ramadamu. Geengoo kana keessatti bakka mirga dhala namaa namummaa isaa irraa ka'ee kabaju arguufii ni dandeenna. Kunis kan kaayyoolee Qur'aanaa gurguddoo irraa dhufeedha. Bifa walii galaatiin wantoota dhaalli fiqhii fi hundeen beekkumsa fiqhii dhimmi adda addaa irraatti lahfa kaayan asitti kaasuun ni danda'ama. Garuu dhimmi kuni tattaaffii fi hirmaannaa hayyootaa damee barnoota adda addaa irraa walitti bahanii marii baldhaa taasisuun akka yaada walii gala irra gahan gaafata. Kunis

dandeettii kaayyoleen kunniin rakkoolee uumamanii fi gara fulduraattis uumamaniif furmaata ni ta'a jennee waan yaadnuufi.

## Roga siyaasaa

**Gaafii**: guyyaa irraa gara guyyaatti rakkoolee fatwaan uumu irraa kan argaman himannaan hawaasaa babaldhataa dhufee jira. tariitii tattaaffiin hawaasni rakkoolee kana bira darbuuf taasisu himannaa isaanii dabalaa dhufee jira. rakkoolee yeroo ammaa kana nu muudatan keessaa bahuudhaaf furmaanni isaa duraa kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo qabachuudha. Kanaaf hayyoota keenna irraa wanti eegamu kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo kana hawaasni hubatee akka itti hojjatuuf gaafiin ifa gala sammuu isaanii keessatti uumamuu qaba. Gaafiin kuni kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo takka takkaan kaafnee yeroo hawaasaaf ibsinutti kan ka'aniidha. Gaafiin kuni hanga danda'ameen ifa galtuu fi dimshaashawaa ta'uu qabdi. Roga badaa fi gaariis of keessatti hammachuu qabdi. Amantii Islaamaa keessatti gaafiin mormiin guddaan keessatti ka'ee dhimmi Raabbiif jecha loluu (Jihaadaa)ti. Dhimmi kana kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo wajjiin wal qabsiiftanii ibsa nuuf godhuu dandeettanii?

## Jihaada

**Deebii:** dhimma jihaadaa ilaalchisee dhaloota irraa dhaloonni kan dhaale kaayyoole Qur'aanaa gurguddoo irraa kan dhufee jechuun nama rakkisa. Kitaaba hedduu dhimmaa Jihaadaa irratti barreeffamanii fi seenaa isaa ibsan namoonni tokko

tokko yoo dubbisanii ilaalan Jihaada jechuun lola ta'uu hubatan. Lola amantaa Islamaatiif tumsuuf ykn amantaa Isalaamaa keessa nama seensisuuf taasifamu jedhamee fudhatama. Akka yaada namoota kanaatti jihaanni bakka lamatti qoodama, jihaada biyya ofii irraa deebisuuf taasifamuu fi jihaada biyya nama biraa irratti taasifamuudha. Yaada kana irratti wantootaa fi murtiilee lolaa hunda ijaaran. Murtii namoota booji'amanii, murtiillee walii galtee lolaa, murtii qabeenya lola irraa argatanii, qophii lolaa, fi biyya lolaa fi biyya nagahaa jedhanii qooduu fa'a of keessatti hammata. Hayyoonni fiqhii hedduun isaanii hubannoo fi yaada kana irraa ka'uudhaan jihaanni lola ta'uu mirkaneessani.

Dhageettii namoota hedduu keessa wanti gadi seene jiru, ummanni Muslimaa wanti lolaniif namoota biroo amntaa keessa humnaan seensisuudhaaf. Kunis hadiisa "hanga namoonni Rabbiin malee Rabbiin biraa hin jiru jedhanitti lolatti ajajame….yoo akkas jedhan haqaan alatti dhiigaa fi qabeenya isaaniis narratti harama ta'e." jedhu qabataniiti. Garuu haddiisni kuni hadiisa namoota isa odeessanii fi jechi isaas sirrii miti. Hadiisni kuni kan odeeffamee beekkame erga Abuubakri al-siddiiq lola namoonni amantaa Islaamaa irraa deebi'uu isaaniitiif lole irraatti hadiisa kana ragaa godhate jedhamee erga haasawamee booda. Innis karaa 234 odeeffame. San keessaa 40 Zahrii nama jedhamuuni. 24 A'imashii nama jedhamu, 20 Hamiid Al-xawiil, 16 Shu'eeyb ibni Abu Hamza, 12 Suufyaan Al-soowrii, 6 Hasan Al-basrii, fi 4 Shariik Al-Naka'ii namoota jedhamantu odeesse jedhama. Garuu hundi isaaniituu rakkoo waliitti dhabannaa hadiisaa qabu

(muddalasa). Namoonni kunniin hadiisa kana dhageenne jedhanii hin ibsine. Akka seera hayyoota hadiisaatii fi imaamtota tartiiba hadiisaa eeganiitti karaaleen hadiisni kuni ittiin odeeffame hundi isaatuu rakkoo waan qabaniif ragaa godhachuun hin danda'amu. Keessumaayyuu jechii hadiisni ittiin dhufe jecha Qur'aana kabajamaa kallattiidhaan faallessa.

لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ قَد تَّبَيَّنَ ٱلرُّشۡدُ مِنَ ٱلۡغَيِّۚ فَمَن يَكۡفُرۡ بِٱلطَّٰغُوتِ وَيُؤۡمِنۢ بِٱللَّهِ فَقَدِ ٱسۡتَمۡسَكَ بِٱلۡعُرۡوَةِ ٱلۡوُثۡقَىٰ لَا ٱنفِصَامَ لَهَاۗ وَٱللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٢٥٦﴾ البقرة: 256

Amantii keessa dirqisiisuun hin jiru, dhugamatti qajeellumni jallina irraa ifa gala ta'ee jira. Namni xaaguutatti kafaree Rabbitti amane dhugamattii haada jabaa hin cinne qabatee jira, Rabbiin dhagahaa fi beekaadha. (Al-baqara 256)

Akka hayyoonni hadiisaa itti walii galanitti jechioi hadiisaa yoo jecha Qur'aanaa kan faallessu ta'ee, hadiisni suni sirrii ta'uu dhabuu isaa mirkaneessa. Kanatti dabalatee hanqinoonni hadiisni kuni qabu waan jiruuf namni mirkaneeffachuu barbaadu gara qorattoota odeessitoota hadiisaatti deebi'ee ilaaluu ni danda'a.

Karaalee hadiisni kuni ittiin odeeffame keessaa 23 Sammaak ibni Harbii fi namoota isaa ol jiran, 8 Kuseeyri ibni Ubeeydi, 4 Suufiyaan ibni Aamir Al-turmuzii, 3 Ziyaad ibni Qeeysi, 1 Haatim ibni Yuusuf, 1 Abdurahmaan Ubeeydullaah, 1 Ajran moowlaa Faaxima, 1 Abu Ubeeyda Muslim inbi Abu Kariima, irraa odeeffaman. Namoonni kunniin hundi isaaniituu beekkamoodhaa miti. Karaan Namoonni hadiisa kana itti odeessaan sirrii waan hin taaneef hadiisa kana ragaa godhachuun rakkisaadha. hadiisni kuni ittiin odeeffame

keessaa 7 Axaa'i ibnu Abdurahmaan, 2 Suleeymaan ibnu Abi Daawud, 1 Umar ibnu Abi bakri, 1 Yahyaa ibnu Abi Ayyuub, 1 Ahmad ibnu Suleeymaan, 1 Abii Ahmad Abdurahmaan wakii'i irraa odeeffame. Namoonni kunniin hundi isaaniituu namoota ragaaf itti fayyadfamuun hin taaneedha. Rakkoo kanaa fi kan biroos asitti dubbachuun dubbii dheeressuu waan ta'eef, hadiisa kana ragaa godhachuun hin danda'amu. Karaalee hundaanuu ilaallee karaa hayyoota hadiisaa biratti fudhatama qabu tokkos argachuu hin dandeenne. Karaaleen kunniis heddummaachuu waliinuu wanti ani hadiisa kana keessatti arge, walitti dhabaachuu dhabuu odeessitootaa, namoota beekkamoo hin ta'inii fi namoota dadhaboo irraa odeeffamuu isaa hubadhee jira. kanaaf hadiisni kuni sirrii miti, hadiisa biraas bakka bu'uu hin danda'u. Qur'aanni kabajamaan jecha ifa gala fi shakkii tokko hin qabneen lafa kaayamee jira. Qur'aanni kabajamaan immoo jijjiiramuu fi bakka buufamuu hin danda'u. jechi Rabbii guddaa

لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ قَد تَّبَيَّنَ ٱلرُّشۡدُ مِنَ ٱلۡغَيِّۚ فَمَن يَكۡفُرۡ بِٱلطَّٰغُوتِ وَيُؤۡمِنۢ بِٱللَّهِ فَقَدِ ٱسۡتَمۡسَكَ بِٱلۡعُرۡوَةِ ٱلۡوُثۡقَىٰ لَا ٱنفِصَامَ لَهَاۗ وَٱللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٢٥٦﴾ البقرة: 256

Amantii keessa dirqisiisuun hin jiru, dhugamatti qajeellumni jallina irraa ifa gala ta'ee jira. Namni xaaguutatti kafaree Rabbitti amane dhugamattii haada jabaa hin cinne qabatee jira, Rabbiin dhagahaa fi beekaadha. (Al-baqara 256)

وَلَوۡ شَآءَ رَبُّكَ لَأٓمَنَ مَن فِي ٱلۡأَرۡضِ كُلُّهُمۡ جَمِيعًاۚ أَفَأَنتَ تُكۡرِهُ ٱلنَّاسَ حَتَّىٰ يَكُونُواْ مُؤۡمِنِينَ ﴿٩٩﴾

يونس : 99

Gooftaan kee osso fedhee namni dachii keessa jiru hundi ni amana ture, sila ati hanga isaan Mu'imintoota ta'anitti isaan dirqamsiiftaa? (Yuunus 99)

Qur'aana kabajamaa keessatti keeyatoonni naannoo 200, namni tokko mirga amantaa fi waan gabbaru filachuu akka danda'u mirkaneessitee jirti. Keeyatoonni kunniin hunduu waan ifa galaa fi Qur'aana kabajamaa keessatti barreeffamaniif namni kamiyyuu jijjiiruu hin danda'u. kuni immoo ijjannoo Qur'aana kabajamaati. Oduun, hadiisni fi mrtiin fiqhii kamiyyuu Qur'aana kabajamaa faallessitu gatii hin qabdu. Kana irraa ka'uudhaan namoota biroo amantaa Islaamaa fudhachiisuudhaaf dirqamsiisuun ykn isaaniin loluun akka ijjannoo Qur'aanaatti dhimmaa sirrii ta'ee miti. Qur'aana kabajamaa keessatti Keeyyatoonni dhimmaa jihaadaa ibsani hundi isaaniituu namoota dirqamaan gara amantaa Islaamaatti akka galchan hin akeektu.

keeyyata armaan gadii kana yoo qajeelatti xiinxalline wanti ifa nuuf ta'u ergamaan Rabbii fi hordoftoonni amantaa Islaama Makka keessa jiran hawaasa gosaan bulu ta'uu isaanii waliin waan Rabbii hartka keessan qabadhaa jedhee ajajeef yeroo jihaada taasisan mataa ofii irraa hin deebisne, akkasuma gidiraas nama irratti hi raawwanne.

Rabbiin guddaan akkas jedhe:

أَلَمۡ تَرَ إِلَى ٱلَّذِينَ قِيلَ لَهُمۡ كُفُّوٓاْ أَيۡدِيَكُمۡ وَأَقِيمُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتُواْ ٱلزَّكَوٰةَ فَلَمَّا كُتِبَ عَلَيۡهِمُ ٱلۡقِتَالُ إِذَا فَرِيقٞ مِّنۡهُمۡ
يَخۡشَوۡنَ ٱلنَّاسَ كَخَشۡيَةِ ٱللَّهِ أَوۡ أَشَدَّ خَشۡيَةٗۚ وَقَالُواْ رَبَّنَا لِمَ كَتَبۡتَ عَلَيۡنَا ٱلۡقِتَالَ لَوۡلَآ أَخَّرۡتَنَآ إِلَىٰٓ أَجَلٖ قَرِيبٖۗ
قُلۡ مَتَٰعُ ٱلدُّنۡيَا قَلِيلٞ وَٱلۡأٓخِرَةُ خَيۡرٞ لِّمَنِ ٱتَّقَىٰ وَلَا تُظۡلَمُونَ فَتِيلًا ٧٧

Sila gara isaan harka keessaa qabadhaa (lola irraa) salaatas dhaabaa, zakaas kenna, jedhamanii hin ilaallee? Yeroma lolli isaan irratti dirqama ta'u yom san gareen isaan irraa ta'e soda akka Rabbiin sodaatanii yookaa soda san caalu namoota sodaatan, yoo gooftaa keenya maaliif lola dirqama nurratti taasiftee?odoo yeroo gabaabaa nu tursiiftee? maal qabaa? Jedhan, qananiin duniyaa xiqqoodha. Aakiraan nama Rabbiin sodaatuuf caalaadha, hanga qola killee hin miidhamtan jedhi. (Al-nisaa'I 77)

Hadiisa ergamaa Rabbii keessatti kan dhufe immoo

Yaa ergamaa rabbi nuti yeroo Rabbitti hin amanin namoota ciccimoo fi kabajamoo turre, garuu erga amannee namoota dadhaboo taanee jirra. Ergamaan Rabbii akkana jedhe: ani akka waliif dhiifataniif ajajamee jira, wal hin lolina. Erga Rabbiin Madiinatti nu godaansisee booda, akka lolu nu ajaje, namni lola irraa harka isaa qabate, Rabbii guddatee ol'aane keeyyata tana buuse. Sila gara isaan harka keessaa qabadhaa (lola irraa) salaatas dhaabaa,

Ergamaan Rabbii (S A W) Abi Jahli, Abi Lahbi, haadha warraa isaa fi namoota biroo hedduu irraa rakkooleen ciccimoon isa muudata turte. Garuu namoota kanneen akka isa hin rakkifne warra taasisan hundaahuu dhiisaa jedhee dhoorka ture.  Hiriyyoota isaa akka isaan lubbuu isaanii irraa namoota isaan rakkisa hin dhoorkone dhaamaniifi. Yeroo hunda deebiin isaa keeyyata armaan olitti dabarsine sana irraa ka'ee "ani irra walii tarutti ajajamee jira" kan jedhu ture. Jechuu harki kiyya lola irraa qabamee jira jechuudha. Garuu akka namoonni biraa yaadanitti dubbiin kuni dadhabina irraa osoo hin taane ajaja

Rabbii guddaati. Garaagarummaan nabiyyummaa ajaja Rabbii fi wahyiitiin deemtuu fi aangoo mootummaa namaa madaallii humnaa fi fedhii nama dhuunfaa irratti hundooftuu kana ta'uu hubanna. Hawaasa gosaan bulu keessatti namni kamiyyuu dadhabaa fi tuffatamaa ta'uu hin danda'u. ergamaan Rabbii gosa Qurysha keessatti cimtuu fi akkaan barbaachiftuu taate irraa dhalatan. Gosoota biroo Makka keessa jiraatan wajjiin immoo hariiroo soddummaa cima qabu. Kanuma waliinuu mataa ofii fi hiriyyoota isaa irraa rakkoo dhufu deebisuuf hin tattaaffanne. Harka isaa akka qabatuu waan ajajameef ergamaan Rabbii abbeeraa isaa Abii Xaalibiin waliin qooqqobbii isaan irratti godhame danda'ee, gadadoo fi gidiraa hiriyyoota isaa irra gahaa ture hundaa obsaan dabarsee jira. Lubbuu hiriyyoota isaa baraaruuf akka gara biyya Habashaatti baqatan isaan ajajee ture, erga amantaan Islaamaa Madiinatti babaldhatee fi irra caalaan gosoota biyya sanii waadaa erga seenaniifii booda ergaman Rabbii gara Madiinaatti baqate. Sababa kanaaf keeyyanni jalqabaa jihaadatti ajajju buufamte, ajajni harka ofii qabatanii jiraachuun yeroon isaa darbee jira akka waan jechuu waan ta'eef namoonni akka lubbuu isaanii irraa deebisuun hayyamameef.

أُذِنَ لِلَّذِينَ يُقَٰتَلُونَ بِأَنَّهُمۡ ظُلِمُواْۚ وَإِنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ نَصۡرِهِمۡ لَقَدِيرٌ ٣٩ الحج: 39

Warra lolamaniif sababa isaan miidhamaniif hayyamni godhameefii jira, Rabbiinis isaanii tumsuu irratti danda'aadha.

Ajajani kuni hayyema yeroo jalqabaatiif namni lubbuu isaatii fi bilisummaa isaa argachuuf jihaada godhuu kan itti hayyamameedha.

Erga keeyatni kuni bu’ee booda ergamaan RabbiiMaddinaa keessatti gareelee wlii galtee walii mallatteessan dammaqinaa fi of eeggannoodhaan hordofaa turan. Kunis gareelee kanneen keessan isa kamtu akka walii galtee kana kabajee deemaa fi isaa kamtuu walii galtee kana diigee ergamaa Rabbii fi hiriyyoota isaatti badii yaada jedhanii addaan baasanii beekuuf ture. Gareen walii galtee kana diigu yoo jiraate wanta tarkaanfiin barbaachisu akka irratti fudhatamu Rabbii ajaja dabarsee.

وَإِمَّا تَخَافَنَّ مِن قَوْمٍ خِيَانَةً فَٱنۢبِذْ إِلَيْهِمْ عَلَىٰ سَوَآءٍ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُحِبُّ ٱلْخَآئِنِينَ ﴿٥٨﴾ الأنفال:58

Garuu yoo namoota irraa ganiinsa sodaatte ifaan ifatti gara isaaniitti darbi, dhugamattii Rabbiin nama waasa ganu hin jaalatu (Anfaal 58)

وَأَعِدُّوا۟ لَهُم مَّا ٱسْتَطَعْتُم مِّن قُوَّةٍ وَمِن رِّبَاطِ ٱلْخَيْلِ تُرْهِبُونَ بِهِۦ عَدُوَّ ٱللَّهِ وَعَدُوَّكُمْ وَءَاخَرِينَ مِن دُونِهِمْ لَا تَعْلَمُونَهُمُ ٱللَّهُ يَعْلَمُهُمْ ۚ وَمَا تُنفِقُوا۟ مِن شَىْءٍ فِى سَبِيلِ ٱللَّهِ يُوَفَّ إِلَيْكُمْ وَأَنتُمْ لَا تُظْلَمُونَ ﴿٦٠﴾ الأنفال:60

Humnaa fi fardoo hidhaman irraas ta’ee waan dandeettaniin kan ittiin diina Rabbii, diina keessanii fi ummaoota biraa kan isaan hin tahin kan Rabbiin isaan beeku, isiin isaan hin beekne ittiin akka sodaachiftaniif isaaniif qopheessaa. Wanti karaa Rabbii keessatti arjoomtan kamillee mindaan isaa isiniif kennama. Isin hin miidhamtanu. (Al-anfaal 60)

Kunis namoota diinota isaanii fi isaan jidduutti rakkoo uumamu furuuf. Gara biraatii immoo keeyyaanni biraa suurama san keessatti gareen nagaha bnarbaadu yoo jiraate akka isaan waliin nagaha uumuu qaban ajajni dhufe.

﴿ وَإِن جَنَحُواْ لِلسَّلۡمِ فَٱجۡنَحۡ لَهَا وَتَوَكَّلۡ عَلَى ٱللَّهِۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡعَلِيمُ ﴿٦١﴾ الأنفال: 61

Yoo gara araaraatti isaan kan daban taate atis gara isheetti dabii Rabbi irratti irkadhu, dhugamatti Rabbiin dhagahaa fi beekaadha. (Al-anfaal 61)

Rabbiin guddaan ergamaa isaa immoo akkana jedhee faarse.

أَلَّفَ بَيۡنَ قُلُوبِهِمۡۚ لَوۡ أَنفَقۡتَ مَا فِي ٱلۡأَرۡضِ جَمِيعٗا مَّآ أَلَّفۡتَ بَيۡنَ قُلُوبِهِمۡ وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ أَلَّفَ بَيۡنَهُمۡۚ إِنَّهُۥ عَزِيزٌ حَكِيمٞ ﴿٦٣﴾ الأنفال: 63

Gudduu onnee isaaniis kan wal taasiseedha. Garuu Rabbitu wal taasise malee osoo wal taasisuuf waan dachee keessa jiru hunda arjoomteeyyuu gidduu isaanii wal taasisuu hin dandeettu, dhugamattii inni injifataa fi ogeessa. (Al-anfaal 63)

Suurama san keessatti keeyyanni biraa kan adda tokkochuummaa keessaa jabeessutti ajajju buufamtee jirti. Gosoota Arabaa fi Yahuudaa naannoo Maddinaatti argaman tokko tokko irraa ganiinsi argamuu waan maluuf hordoffiin akka taasifamu ajajni Rabbii buufame. Erga dubbiin kuni lafa qabatee booda warroota walii galtee namoota Rabbitti waa dabalanii fi ergamaa Rabbii jiddutti uumaman kana kabajanii deeman osoo hin dagatin keeyyatoonni suura Baraa'atu kan walii galtee kaanneen haqxu dhufte.

Keeyyanni jalqabaa suuraa tana keessatti dhufte Namoonni walii galtee kana gananii diiguudhaaf carraa yoo eeggataa jiraatan barbaachisummaa haqamuu walii galtee kana beeksisutti ajaja. Waadaa isaanii diiganii ergamaa Rabbii fi hiriyyoota isaa irratti diinummaa yoo kan muldhisan taate, walii galteen isaan waliin taasisan hunduu ni haqamti.

Sababani isaas waan isaan waadaa fi amanaa seenan fiixaan baasuu dadhabaniifi. Akkasuma diinota ergamaa Rabbii kan biroo wajjiin waan wal gargaaraniifi. Ragaan qabatamaa Qur'aana kabajamaa keessatti warroota waadaa seenan diiganii of duuba deebi'an wajjiin walii galtee godhamee akka diigamuu fi haqamu keeyyanni ajajju suura Baraa'atuu lakkoofsa 4 irratti argama.

إِلَّا ٱلَّذِينَ عَٰهَدتُّم مِّنَ ٱلۡمُشۡرِكِينَ ثُمَّ لَمۡ يَنقُصُوكُمۡ شَيۡـًٔا وَلَمۡ يُظَٰهِرُواْ عَلَيۡكُمۡ أَحَدًا فَأَتِمُّوٓاْ إِلَيۡهِمۡ عَهۡدَهُمۡ إِلَىٰ مُدَّتِهِمۡۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلۡمُتَّقِينَ ﴿٤﴾ التوبة: 4

Qindeessitoota iraa warri waadaa walii seentanii sana booda homaa hin hir'isin nama tokkollee isin irratti hin gargaarin hanga baallama isaaniitti waadaa isaanii isaaniif guutaa, dhugamatti Rabbii sodaattota isaa ni jaallata. (Al-toowubaa 4)

Walii galtee akkasii kana diiguun tasuma waan uumamuu miti. Qaamni walii galtee diigu kamiyyuu walii galtee isaa haquu erga beeksisee booda lola keessa seenuu qaama biraa burjaajessuu hin danda'u. qaama kanaaf Rabbiin guddaan ji'a afur kenneef, ajajani kuni suuraa Toowbaa keeyyata lammaffaa keessatti dhufe.

فَسِيحُواْ فِي ٱلۡأَرۡضِ أَرۡبَعَةَ أَشۡهُرٖ وَٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّكُمۡ غَيۡرُ مُعۡجِزِي ٱللَّهِ وَأَنَّ ٱللَّهَ مُخۡزِي ٱلۡكَٰفِرِينَ ﴿٢﴾ التوبة: 2

Ji'oota afuriif dachee keessa deemaa isin Rabbiin dadhabsiisoo akka hin ta'aniif Rabbiinis dhugumatti salphisaa kaafirtootaa ta'uu beekaa. (Al-toowubaa 2)

Gosti walii galteen jalaa haqamte tuni ji'a afur keessatti dhimmi isaanii akka sirreeffatanii fi of jajjabeessuu danda'aniif

kan godhameedha. Kunis ji'oota lolli keessa dhoorgaa ta'uu fi namoonni daawwannaaf dachee keessa deemanii bu'aa mataa isaanii itti kabachiisaniidha. Yoo kan danda'an ta'e ergamaa Rabbii fi hiriyyoota isaa wajjiin wal loluuf yeroo gahaa fudhatanii akka itti yaadanii qophaayaniifi.

Suuraa Toowbaa keessatti keeyyatoonni 13 hundi isaaniituu akkamitti walii galtee fi waadaa bifa kanaa haquun akka danda'amu kallattii kan akeektuudha. Ergasii booda garee amantaa biroo qabatanii garuu warra Rabbiittii waa dabalu (mushrikoota) wajjiin ta'anii ummata Islaamaa miidhan loluuniin dirqama akka ta'e ajajni dhufe. Fkn gosti Yahuudaa warra Rabbiittii waa dabalu (mushrikoota) Makkaatiif qabeenyaa fi meeshaa waraanaa kennaniifii; isintu warra Rabbitti amanne jedhu kana caala karaa qajeelaa irra jira jedhaniinii ergamaa Rabbii fi hiriyyoota isaa wajjiin akka wal lolan qarqaaran.

Sababa kanaaf waanyoo garaa isaanii keessa jiru qofa irraa ka'anii warra wallaalumaa fi mushrikoota wajjiin wal qarqaaree fallaa amntaa Islaamaa dhaabate loluuniin dirqama akka ta'e Rabbiin guddaan Nabiyyii isaa ajaje. Waanyoon kuni kan dhufeef ergamaan Rabbii Muhaammad (S A W) sanyii Ismaa'il Ibnu Ibraahim malee sanyii Ishaaq Ibnu Ibraahimii miti. Keeyyanni suuraa Toowbaa 29 dhimma kana ifa galchuuf dhufte.

قَٰتِلُواْ ٱلَّذِينَ لَا يُؤۡمِنُونَ بِٱللَّهِ وَلَا بِٱلۡيَوۡمِ ٱلۡأٓخِرِ وَلَا يُحَرِّمُونَ مَا حَرَّمَ ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥ وَلَا يَدِينُونَ دِينَ ٱلۡحَقِّ مِنَ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ حَتَّىٰ يُعۡطُواْ ٱلۡجِزۡيَةَ عَن يَدٖ وَهُمۡ صَٰغِرُونَ ﴿٢٩﴾ التوبة: 29

Isaan Rabbii fi guyyaa dhumatti hin amanin, kan waan Rabbii fi ergamaan isaa haraama godhe haraama hin godhin kan amantii haqaa hin fudhanne, warri kitaabni kennameef irraa kan ta'an hanga isaan salphatoo ta'anii gibira harkatti kennanitti lolaanii (Al-toowubaa 29)

Wanti as irraa hubachuu qabnu lolli taasifame gosoonni wadaa fi walii galtee seenan akka kabajaniif malee mirga amantaa eeguuf kan godhamee miti. Gosoonni waada isaanii osoo hin dagatinnii fi hin diigin akka jiraataniif mala kaayameedha. Kanaa yeroo keeyyannii Qur'aanaa suuraa Baqaraa keessatti bu'e akkana jedhee jalqabe.

كُتِبَ عَلَيۡكُمُ ٱلۡقِتَالُ وَهُوَ كُرۡهٞ لَّكُمۡۖ وَعَسَىٰٓ أَن تَكۡرَهُواْ شَيۡـٔٗا وَهُوَ خَيۡرٞ لَّكُمۡۖ وَعَسَىٰٓ أَن تُحِبُّواْ شَيۡـٔٗا وَهُوَ شَرّٞ لَّكُمۡۚ وَٱللَّهُ يَعۡلَمُ وَأَنتُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ ﴿٢١٦﴾ البقرة : 216

*Osoo isin jibbitanuu lolli isin irratti dirqama taasifamee jira, tariitii wanti isin jibbitan waan gaarii ta'uu danda'a. Wanti isin jaalattan immoo badaa ta'uu danda'a, Rabbiin wanta isin hin beekne beeka.* (Al-baqara 216)

Wanti asi irraa ifatti hubanno ergamaa Rabbii fi hiriyyoonni isaa lola waan jibbaniif Rabbii loli bifa kanaa isaan jibbuu wajjiin toltuu akka of keessaa qabu ibseefi. Yeroo Mushrikoonnii Arabaa ergamaa Rabbii fi hiriyyoota isaa irratti poroppoogaandaa kijibaa kan akka ji'a lolli keessatti dhoorgaa

ta’e keessa lolan, Masida Haraam keessattis ni lolu jedhu isaan irratti afuufuu jalqaban, keeyyannii armaan gadii tuni warroota kijiba akkasii fidan fashaleessuuf buufamte:

يَسۡـَٔلُونَكَ عَنِ ٱلشَّهۡرِ ٱلۡحَرَامِ قِتَالٖ فِيهِۖ قُلۡ قِتَالٞ فِيهِ كَبِيرٞۚ وَصَدٌّ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ وَكُفۡرُۢ بِهِۦ
وَٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِ وَإِخۡرَاجُ أَهۡلِهِۦ مِنۡهُ أَكۡبَرُ عِندَ ٱللَّهِۚ وَٱلۡفِتۡنَةُ أَكۡبَرُ مِنَ ٱلۡقَتۡلِۗ وَلَا يَزَالُونَ يُقَٰتِلُونَكُمۡ
حَتَّىٰ يَرُدُّوكُمۡ عَن دِينِكُمۡ إِنِ ٱسۡتَطَٰعُواْۚ وَمَن يَرۡتَدِدۡ مِنكُمۡ عَن دِينِهِۦ فَيَمُتۡ وَهُوَ كَافِرٞ
فَأُوْلَٰٓئِكَ حَبِطَتۡ أَعۡمَٰلُهُمۡ فِي ٱلدُّنۡيَا وَٱلۡأٓخِرَةِۖ وَأُوْلَٰٓئِكَ أَصۡحَٰبُ ٱلنَّارِۖ هُمۡ فِيهَا خَٰلِدُونَ
﴿٢١٧﴾ البقرة: 217

Ji’oota kabajamoo keessa loluu irraa warra si gaafatuun jedhiin: isaan keessa loluun yakka guddaadha, karaa Rabbii irraa namoota dabsuun isatti kafaruun, namoota masgiida haram irraa dhoorguunii fi jiraattota isaa achii irraa baasuutu, Rabbiin biratti irra guddaadha. Shirkitu ajjeechaa irra badiin isii irra guddaadha. Yoo danda’an hanga diinii keessan irraa isin deebisanitti isiniin loluu irraa hin deebi’an. Namni isi irraa diinii isaa irraa garagalee kaafira ta’ee du’e, warri sun aakiraa fi duniyyaatis dalagaaleen isaanii baddee jirti. Ammas warri sun warra ibiddaati. Isaan achi keessatti hafoodha. (Al-baqara 217)

Keeyyanni kuni akka ibsutti Mushrikoonni Makka namootni gara masjida haraam akka hin seennan kan taasisan isaan ta’uu mirkaneessiti. Namoota Rabbitti amanan akka isaan amantii dura keessaa bahanitti deebi’aniif gidiraa guddaa irra geessaan kan turan isani. Keeyyanni kuni akka ibsutti Mushrikoonni yoo

danda’an namoota amantaa Islaamaa gara amantaa isaaniitti deebisuudhaaf lolaa kan turan isaan ta’uu mirkaneessa.
Wantoota armaan olitti dabarsine kana irraa wanti hubannu yoo jiraate lolli wanta hundee qabuu miti. Wanti hundee qabu nagahaa fi nageenyaadha. Garuu yeroo ummanni Islaamaa amantaa isaanii gaggeeffachuu hin dandeennee fi walii galtee qaama biraa waliin seenan kabachiisuu yoo ta’ee lola irraa of duubatta deebi’uun hin danda’amu.
Asi irraa wanti hubachuu qabnu dhimma jihaadaa ilaalchisee Qur’aana keessa kan dubbatame sadarkaa adda addaa qabaachuu isaati. Jihaanni duraa jihaada lubbuu ofiiti, namni tokko lubbuu isaa waliin jihaada godhuuf sirna bu’uuraa fi amantaa qabaachuu qaba. Gara biraatiin immoo jihaada jechaati. Innis jihaada wallala balleessuu fi barnoora baldhisuuf taasifamuudha. Addunyaa guutuudhaaf qajeelluma fiduuf jihaanni Qur’aana guddaan taasifamus ni jira. Rabbiin akkana jedha.

فَلَا تُطِعِ ٱلْكَـٰفِرِينَ وَجَـٰهِدْهُم بِهِۦ جِهَادًا كَبِيرًا ﴿٥٢﴾ الفرقان: 52

Kaafirtootaaf hin ajajamin Qur’aana kanaan isaan irratti qabsoo guddaa isaan irratti qabsaawi (Al-furqaan 52)
Fedhii namaa guutuu fi diinagdee hawaasaa misoomsuun akka jihaadatti fudhatamuu ni danda’a. Hawaasummaa keessatti immoo jihaadni ummanni karaa fi kallattii sirrii irraa akka hin maqne godhuun jihaada gaafata. Kanaaf jihaadni diinagdee, hawaasummaa, aadaa fi siyaasaa keessa seenuu ni danda’a. Tokkochummaa Rabbii, qulqullummaa isaa fi dachee misoomsuun, haqummaa, wal-qixxummaa fi jiruu gaarii

jiraachuuf tattaafachuun jihaada cimaa gaafata. Rabbiin nama hundaa oli beekaadha.

**Meeshaa hundeen barbadeessu**

Gaafii: murtiin; hawaasni Muslimaa meeshaa hundeen barbadeessuu oomishuu qabu maaliidhaa?

Deebii: jalqaba wanti of gaafachuu qabnu, ijjannoon ilaalchi Rabbiin tokkochoomsuu dhimma kana irratti qabu maaliidhaa? Osoo ijjannoon Rabbiin tokkochoomsuu dhimma kana ni hayyama jennee yoo fudhannee gaafilee kana fakkaatan heedduu fudhachuudhaaf haala adda addaa hedduu nu barbaachisa.

Wanti nuti jennu: ilmi namaa, beneensonni, mukkeenii, naannoon, lafti, qilleensi, galaanni daandiwwan imala wantootaa, maddeen qabeenyaa fi wantoonni hedduun lola waliin hariiroo takkallee hin qabne akka jiran beekuun barbaachisaadha. Akkasuma jaarsonni, dhukkubsattoonni, daa’immanii fi dubartoonni ulfaa akka jiran hubachuu qabna. Gara biraatiin immoo humnootni diinaan wal rukutanis akka jiran dagachuu hin qabnu. Duudhaan ciccimoo ta’an kan akka haqummaas dhimma kana irraa addaan baafamanii ilaalamuu hin qaban. Haalli kun Islaamummaa keessatti hundee ciccimoo fi barbaachisoo ta’an irraa gaafileen baqayfamanii Rabbiin tokkochoomsuu irratti akka deebii kennan taasisuun barbaachisaadha. Sana irraa ka’uudhaan deebiin gaafii kanaa gaaris ta’ee badaa akkamu jirutti ni barreeffama.

Ijjannoo Rabbiin tokkochoomsuu sirritti beekuuf yeroo amma kanatti gaafilee dhibba lamaa oliif deebii quufsaa barbaaduu

qabna. Yoo akkas ta’e haala tasgabbaahaa fi qilleensa qabbanaahaa keessa seenna. Kanneen hundaahuu qulqullinaa fi ijaarsa irratti hundoofna. Sana booda sirnoota jiran hundaaf gaafilee dhiheessine, deebii sirrii fi dhugaa lubbuu namaa tasgabbeessitu argachuu qabna. Kana irratti yaanni kiyya gaafiwwan ka’aniif deebiin guutuun argamuudha. Duubbii kana Rabbuma qofatu beeka.
Muslimtoonni hawaasa nagahaa fi jireenya gaarii namaaf uuman ta’uu qabu. Rabbiin akkana jedha:

يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱسْتَجِيبُوا۟ لِلَّهِ وَلِلرَّسُولِ إِذَا دَعَاكُمْ لِمَا يُحْيِيكُمْ ۖ وَٱعْلَمُوٓا۟ أَنَّ ٱللَّهَ يَحُولُ
بَيْنَ ٱلْمَرْءِ وَقَلْبِهِۦ وَأَنَّهُۥٓ إِلَيْهِ تُحْشَرُونَ ﴿٢٤﴾ *الأنفال : 24*

*Yaa warra amantan Rabbii fi ergamaa isaatiif awwaadhaa, yeroo inni waan isin jiraachisuttu isin waame awwaadhaa, dhugamatti Rabbii gidduu namichaatii fi onnee isaa akka golguu fi isin gara isaatti kan walitti qabamtan ta’uu beekaa (Al-anfaal 24)*
Namoota nagahaa fi jiruu gaarii uuman jedhamanii yaadaman irraa yaadni dachii balleessuu ykn wanta ijaarame diiguu gonkumaa hin ka’u ykn hin eeggamu. Sababni isaa faallaa Rabbiin tokkochoomsuu, ijaarsaa fi qulqullummaa waan ta’eefi.

## Roga hawaasummaa

**Gaafii:** hawaasni dhala nama hammayyaa keenna kuni rakkoolee hawaasummaa jireenya isaa sochoosu hedduudhaaf saaxilamaa jira. Maatiin dhaabbata jiruu hawaasummaa keessaa isa akkaan barbaachisaa yoo ta’uu yeroo ammaa kanaa

rakkoolee daangaa hin qabneef saaxilamaa jira. Hawaasa warra dhihaa biratti dhimmi kuni kan namoonni hedduun irratti wal dhaban yoo ta'u, sababoota adda addaatiin gara hawaasa biraatittis darbaa dhufee jira. Kunis gidiraa maatii jedhamee yoo beekkamu hawaasa dhala namaa hedduu isaanii kan miidhaa jiru ta'uu isaa qorannooleen hedduun mirkaneessanii jiru. Gidiraa maatii kana keessatti hariiroon abbaa warraatii fi haadha warraa hiikkaa tasgabbii, jaalalaa fi walii yaaduu irraa qullaadha. Jiruu akkanaa kana keessatti manni dirree waraanaa abbaa warraatii fi haati warraa keessatti wal lolan yoo ta'u, ijolleen mana keessatti rakkina xiin-sammuutiif saaxilamu. Hariiroon dhukkubsattuun tun ijoollee kanniin jiruu isaanii guutuu haleellaan xiinsammuu isaan waliin akka turu taasisti.
Maatiin wal hiikuun immoo haala addunyaa irratti hawaasa hunda biratti baratamaa ta'ee argamee jira. Dhimma addaan bahiinsa abbaa warraatii fi haadha warraa kana keessa rakkoon cimaan jiru, yeroo hariiroon tuni addaan cittutti, wal dhaansoo fi jibbiinsi isaan lamaan jiddutti uumamtu tuni dhukkuba cimaa taatee gara ijoolleetti darbuu isiiti. Rakkoolee ciccimoo kana fakkaatan furuuf akkamitti kaayyowwan dimshaasha qur'aanaa hojii irra oolchinaa?
**Deebii:** Qur'aanni kabajamaan ilmi namaa nama ta'uu isaatiif qofa ilaalcha dimshaashawaa akka namaaf qabaannu nu kakaasa. Daangaa ilaalcha dimshaashawaa kana keessatti dubartii fi dhiirri haada wal guutinsaatiin walitti hidhamu. Isaan lamaanuu walakkaa walakkaa ta'anii akka waan walitti dhufuun wal guutaniti. Nageenyi, tasgabbiin, si'aa'inni fi dandeettiin namni tokko jiruu isaa keessatti qabu yoo walakkaa

isa irraa hafe kana argatte malee hin guutamtu. Kanaaf garaa garummaa dubartootaa fi dhiira jidduu akka jiru aadaalee dhala namaa hedduu keessatti dagaagaa dhufe kana irra deebi'anii ilaaluu barbaachisa. Dubartiin dogongora jalqabaa dalaguun dhala namaa kan jannata keessaa baaftee miti, dubartiin cinaacha jallataadhaa miti. Namummaa keessatti dubartii fi dhiirris wal-qixxummaa guutuu qabu. Garuu bakka bu'ummaa, qulqullummaa fi ijaarsa keessatti hunduu gahee mataa isaa qaba. Kanaaf Rabbiin isaan lamaanuu dalagaan isaan dalagan kan dhiiraas ta'ee kan dubartootaa akka hin banne waadaa seeneefi. Isaan lamaanuu yoo wal bira qabaman duniyattis ta'ee aakiratti tokkoon isaa kaanii gadii miti. Erga hundee kana irratti walii gallee booda gaa'illi dhimmaa wal-qixxuummaa fi wal-madaaluuti jennee amanna. Dalagaan ilma namaa ga'ee namni kamiyyuu ittiin dhaabatu yoo kan nuu qooddu taate ilaalcha dimshaashawaa kana irratti dhiibbaa hin fidu. Inumaayyuu ga'een dalaagaa addaan qoodatuu tuni ilaalcha dimshaashaa kana in cimsiti ni jajjabeessiti. Gaa'elli jidduu dhiiraa fi dhalaatitti gaggeeffamu ga'ee fi ergaa mataa isaa qabaachuu kan danda'eef dubbima Kanaaf. Ga'ee fi ergaan kunis sadarkaa haadha warraa fi abbaa warraatti kan hafu qofa osoo hin taane, sadarkaa sabaa, ummataa fi hawaasa baldhaatti kan fayyaduudha. Dubbiin kuni jiruu hawaasaa ijaaruuf dhagaa bu'uuraa ta'uu hubannee, tattaaffiin hawaasaa, ummataa fi mootummaa wal wajjiin ta'uun maatii ijaaruu fi eeguu keessatti ga'een taphatan ol'aanaa ta'uu qaba.

Qur'aanni kabajamaan dhimmi kana ilaalchisee of eeggannoowwan hedduu lafa kaahee jira. Kunis shakkii tokko

malee maatii kamiyyuu kufaatii fi diigamuu irraa wanta eeguu fi jajjabeessu keessa dhimma adda dureeti. Qaama ofii dhokfachuun, saalli lamaanuu ija ofii gadi qabachuun, dhalaa fi dhiirri sirna adaba hin qabneen walitti makamuu dhabuun, wantoota fedhii namatti kaasanii sadarkaa namummaa irraa gara sadarkaa bineensotaatti nama geessan irraa fagaachuun of eeggannoowwan Qur'aani kabajamaan lafa kaahe keessa akka fakkeenyaatti kaasuu ni dandeenna.  Dalagaan kamiyyuu qaama kana irratti dhiibbaa fiddu nama kami irraayyuu yoo taate dhoorgaadha.  Kanaaf ilaalcha Qur'aana kabajamaa kana qabachuun, isa tiikfachuu fi yeroo hunda sammuu ofii keessa kaahachuun dirqama. Qur'aanni kabajamaan suuratu al-nuurii fi suurawwan biroo keessatti maatii ijaaruu fi qarqaaruu irrati jabeessee dhaamee jira. Sochiiwwan qaamaa, iccitii maatii eeguu fi mana maatii diigame deebisanii suphuu irraa jalqabee hanga du'aa fi wantoota sanaan booda maatiin tokko hordofuu qabu qajeelatti ibsee jira.  Sababa adda addaatiif namoonni hedduun waa'ee kana dagachuu fi tuffachuun waan maluuf, Qur'aanni kabajamaan Dhimmoota maatii kanaa fi kana fakkaatan iftoomina guddaadhaan ibsee jira.

Sababa kana hundaaf Qur'aanni kabajamaan ilmi namaa dhiiraa fi dhalaanis hariiroo Rabbiin waadaa cimtuudha jedhee moggaase san akka kabajaniif lubbuu isaanii qopheessa. Dubbii kana kan argannu seera Qur'aanaa suuraa baqaraa keeyyata (221-240) keessa jiru yeroo dubbifnutti. Qur'aana keessatti jechi '*daangaa'* jedhu sirna maatii keessatti akka itti fayyadametti bakka kamittuu hin fayyadamne. Jechi daangaa jedhu Qur'aana kabajamaa keessatti bakka 14 dubbame

keessaa 12 waa'ee seera fi sirna maatii ilaalchiseeti. Rabbiin qulqullaahaan wanta uume hunda qajeelatti beeka, Rabbiin gabroota isaatiif tola oolaa fi beekaadha. Yeroo tokko tokko filannoon gaa'ilaa akka barbaadametti argamuu dhabuutu mala. Kunis jaalala, walii yaaduu, wal kabajuu, tola walitti ooluu fi maatii keessatti tasgabiin akka hin uumamne taasisaa dhufa. Wantoonni armaan olitti jenne kunniin yeroma tokkoofillee maatii irraa adda baahee argamnaan kaayyoon inni guddaan maatii ijaaruu badaa dhufa. Duudhaaleen maatiin irratti ijaaramu sadarkaa gara garaa irratti dhimma Kanaan hubamaa dhufan. Kanaaf wal gadi hiikuu fi addaan bahuun akka filannoo wal dhaansaa dhimma kanaatti fudhatama.

Dhimmoonni maatii uumuu, ijaaruu, maatii eeguu, seera isaa akka kaayyoo shari'aa Rabbii eegu taasisuu, damee barnoota sadarkaa digirii lammaffaa fi sadaffaa ogummaa kana qofa irratti leenjisan gaafata. Dhaabbanni akkasii yoo jiraate dhimma maatii kana bifa gadi fageenyaa qabuu fi dimshaasha ta'een qoratee dhiheessuu ni danda'a. Yeroo kanatti kaayyoowwan shari'aa waa'ee maatii wajjiin hariiroo qaban akka barbaadamutti hojii irra oolchuun ni danda'ama. Hariiroon gaa'ilaa, yaada walii gala maatii horachuu irraa eegalee, hanga Dhimmoota akka addaan bahiinsaa, dhaalaa, abbaa fi hadha warraa keessaa namni tokko du'uu fi haati warraa abbaa warraa isii hin barbaadu jennete xalaaqa gaafachuutti itti fufa.

Maatiin dhaabbata Qur'aanni kabajamaan umrii fedhiin saalaa namatti dhagahamu irraa eegalee saalli lamaan hiriyyaa hanga du'aatti waliin jiruu isaa dabarsu barbaadee argatuuttii ijaaree

kunuunsuudha. Enumaayyuu san biras darbee Qur’aanni kabajamaan dhimma kana hanga aakiratti hedduu itti yaaddawa. Namoonni gaggaariin haadhaa fi abbaa warraa isaanii waliin guyyaa qiyaamaa gaaddisa jala akka turan dubbatee jira. Rabbiin akkana jedha.

هُمۡ وَأَزۡوَٰجُهُمۡ فِي ظِلَٰلٍ عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِ مُتَّكِـُٔونَ ٥٦ يس: 56

Isaanii fi haati warraa isaaniis gaaddisa jalatti siree irratti irkatanii

Gara biraatiin immoo Qur’aanni kabajamaan warroota duniyaa tana keessatti dhaabbata maatii miidhanii karaa isaa jallisan itti gaafatamummaa guddaa isaan baachise jira.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ قُوٓاْ أَنفُسَكُمۡ وَأَهۡلِيكُمۡ نَارٗا وَقُودُهَا ٱلنَّاسُ وَٱلۡحِجَارَةُ عَلَيۡهَا مَلَٰٓئِكَةٌ غِلَاظٞ شِدَادٞ لَّا

يَعۡصُونَ ٱللَّهَ مَآ أَمَرَهُمۡ وَيَفۡعَلُونَ مَا يُؤۡمَرُونَ ٦ التحريم : 6

*Yaa warra Rabbitti amantanii lubuu keessanii fi maatiiwwan keessan ibidda qoraan isaa namaa fi dhagaa hedduu ta’e irraa baraaraa, isii irra Malaa’ikoota garaa jabeeyyii fi ciccimoo ta’antu jiraa, waan Rabbiin isaan ajaje hin faallessan, waan ajajamanis ni hojjatu. (Al-tahriim 6)*

Ergamaan Rabbii dubbii tana hiikaa gaariidhaan akkana jedhee hiikee jira “*namni tokko namoota isaan nyaachisuun dirqama irratti ta’ee yoo hin nyaachisin badiin tuni qofti isa geetti”.* Kana jechuun namni tokko itti gaafatamummaa isaan maatii isaa bifa barbaadamuun yoo hin bahin dabii guddaa keessa jira jechuudha.

Haala fokkataa hawaasa hammaayyaa kan akka gidiraa fi miidhaa maatii jiddutti uumama jiru Kana ijjannoo Qur’aana

kabajamaa fi ergamaa Rabbii irraa ka’uudhaan dubbii ifa gala argachuu ni dandeenna. Gidiraa fi miidhaan maatii jiddutti uumamaa dhufe kuni kayyoowwaan Qur’aanni kabajamaa bakka guddaa kenneef kan akka jaalalaa, tasgabbii, walii yaaduu, wal kabajuu fi sodduummaa balleessee jira. Kayyoowwan armaan olitti dubbanne kunniin saaphana cimmaa hariiroo namummaa jabeessaniidha ta’uun beekkamaadha. Kanaaf namummaan guutuu taatee itti fufuudhaaf kaayyowwan kunniin akka barbaadamutti fiixa bahuu qabu.

Kaayyowwan Qur’aanaa kabajamaa cicimoo ta’an gadi fageenyyaan erga hubannee booda, kaayyoleen kunniin burqaa jiruu fi matii kan eegan ta’uu beekuu qabna. dhaabbanni maatii kuni tokkochummaa Rabbii, eeggumsaa fi qarqaarsa isaatiin kan walitti hidhata qabaatan ta’uu isaatis mirkaneessuu qabna. Kunis qulqulummaa namoota dhuunfaa, hawaasaa, biyyaa fi ummataa jajjabeessuuf nu qarqaara. Akkasuma ijaarsaa fi misooma fiixaan baasuufis nu qarqaara. Kaayyoon inni cimaan ilmi namaa uumameef gahee Rabbiin isaa isaaf lafa kaaye akka barbaadametti haa dalaguufi. Rabiin guddaan akkana jedha.

وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَٰٓئِكَةِ إِنِّي جَاعِلٌ فِي ٱلْأَرْضِ خَلِيفَةً ۖ قَالُوٓا۟ أَتَجْعَلُ فِيهَا مَن يُفْسِدُ فِيهَا
وَيَسْفِكُ ٱلدِّمَآءَ وَنَحْنُ نُسَبِّحُ بِحَمْدِكَ وَنُقَدِّسُ لَكَ ۖ قَالَ إِنِّيٓ أَعْلَمُ مَا لَا تَعْلَمُونَ ﴿٣٠﴾
البقرة:30

Yeroo gooftaan kee malaa’ikootaan dhugamatti ani ilma namaa dachii keessatti bakka bu’aa taasisuufan jira, jedhes yaadadhu, isaanis ni jedhan sila osoo nuti galata keetiin si faarsinuu fi si qulqulleessinu namoota dachee keessatti badii

dalagab kan dhiiga walii dhangalaasan dachee keessatti taaisftaa? Innis ni jedhe, dhugamatti ani waan isin hin beekne akkaan beekaadha. (Al-baqara 30)

Gaheen guddaan jiruu ilma namaa keessa jiru, itti gaafatamummaa dachee tanaa fudhachuu fi isii misoomsuudha. Wanti kamiyyuu sammuu fi qaama isaa miidhu ykn dhukkubsuu akka gahee fi itti gaafatamummaa Kanaan ilmi namaa hin dhaabanne isa taasisa. Gara biraatiin immoo yoo ga'umsi inni qabu xiqqaa ta'e immoo dandeettii inni gahee ijaarsaa irratti qabu xiqqeessa. Ilmi namaa fi hawaan ykn uumaan nuti keessa jiraannu tuni qabeenya Rabbii guddaa ta'uu isii baakuu qabna.

Ilmi namaa dogoggora guddaa keessa kan seenu bilisummaa guutuudhaan qaama kiyyatti akka barbaadetti fayyadama jedhee yeroo yaaduudha. Sababni isaas Waan qabeenya isaa hin taanee qabeenya ofii godhuu fi abbaa qabeenyummaa isa dhugaa kan ta'e Rabbii guddaa mormuu ta'a. Sababa kanaaf lubbuu namaa ajjeesuun, of galaafachuun fi namoota biroo akka miidhaan qaamaa irra gahu godhuun akka amantaa Islaamatti dhoorgaadha. Qaamaa fi lubbuu nama kamiyyuu eeguun kaayyoo amantaan Isalaamaa lubbuu namaa eeguu jedhu keessa gala. Kunis namni tokkuma haqummaa bakka bu'ummaa fi ijaarsaa dachee tanaa akka argatu isa taasisa. Lubbuun namaa amaanaa Rabbiin abba lubbuu san bira kaayate taatee argamti. Kanaaf rakkoo fi badiinsa irraa isii eeguu qaba. As irratti dhimmi kun uumaa dhala ilma namaa akka walii galaatti kan walitti qabatu ta'uu isaa mirkaneessuun hedduu barbaachisa.

Beektonni duraanii kan akka hayyuu Gazaalii jedhamuu yeroo barnoonni fayyaa fi baayilojii sadarka amma irra gahe kana irra hin gahinitti ulfi si'a afur bira yoo darbe sababuma kamiifiyyuu garaa keessaa baasuu akka hin qabne murteessanii turan. Yeroo sanitti akka yaada beektotaatti ulfi lubbuu kan godhatu ji'a afur booda jedhanii waan amananiifi. Amantiin ISlaamaa wantoota hedduu keessa gadi fageenyaan hin seenu, kunis yaanni tokko osoo wali hin faallessin dhaloota hedduuf akka taru taasisee jira. Saayinsiin ammayyaa akka jedhutti ulfi lubbuu kan godhatu yeroo dhangala'aan dhiiraa killee dubartii cabsee irraa eegaleeti. Kanaaf lubbuun ulfa keessa jirtu tuni kabajamuu qabdi jennii amanna.
Dubbbii kana irraa ka'uudhaan mormiin yeroo ammaa kana dhagahamaa jiru, hundee seeli (stem cells) wal-dhaansa fayyaatiif itti fayyadamuu ni dandeennaa yaada jedhuudha?
Dhimmi kuni waliin marii ogeessota fayyaa fi hayyoota shari'a gaafata. Yoo akkas hin taane fi dubbi kana caldhifneetuma yoo kan deemnu taate, gara lubbuu ilma namaa tooftaa jiruu taasifachuutti geessa. Osoo tooftaan tuni wal-dhaansa namoota birootiifis kan ooltu taate. Dhimmi kuni gara damee barnoota adda addaatti facafamee qorannoon irratti gaggeeffamuu qaba. Dameeleen hundinuu kaayyoo shari'aan ijaarsa misoomaa fi bakka bu'ummaa dachee tanaa ilmi nama qabu irraa ka'anii qorannoo isaanii itti fufuu qabu. San booda kaayyowwaan Qur'aanaa dhimmi kanaaf murtaawoo ta'anitti fayyadamuun yaada walii galaa tokko irra gahuu ni danda'u. Kaayyoon kuni gara kaayyoo biraa jiruu ilma namaatiif bu'uura ta'etti tarkaanfata. Garuu hariiroon isaa bakka bu'ummaanamni

dachee tana keessatti qabu, ijaarsaa fi misooma, akkasuma ilma namaas ta’ee hawaan nuti arginu kuni qabeenya Rabbii guddaa ta’uu irratti xiyyeeffata.

Uumaan ilma namaa yeroma jalqabaa irraa dhangala’oo dhiiraa fi killee dubartii irraa uumama. Uumama kana irratti isaan lamaanuu ni hirmaatan jechuudha. Kanaaf haatii fi abbaan ulfa kanaa mootummaa fi seera duras itti gaafatamummaa ulfa kana eeguu fi mirga isaa guutuu kennuufi qabu. Yeroo inni ulfaahe irraa jalqabee hanga inni dhalatutti kunuunsuu qabu. Dubbiin kuni haadhatti waan ulfaatuu fi wantoota daa’ima gara jiruu kana barbaachisuu guutuu waan dhadhabduuf abbaan itti gaafatamummaa cimaa kana fudhatee kunuunsa barbaadamu taasisuun dirqama qaba. Yoo gadaamessi haadhaa bakka da’imni kuni itti guddatu ta’e, abbaan immoo itti gaafatamummaa guddaan hadhaa fi ulfa garaa isii jiru kanaa hanga deetutti kunuunsuu qaba. Soorata hadhaa fi ulfa kana dhiheessuun dirqama isaati. Kanaaf walitti hidhiisi nikaahaa itti gaafatamummaa cimaa fi qulqulluu ta’ee kan argameefi. Ulfi kuni yeroon booda gara nama guutuu Rabbiin isaa farse saniitti waan jiijjiiramuuf, Fedhiin saalaa kan Rabbi uumee tooftaa dhiiraa fi dubartiin *nikaaha* fayyadamanii walitti makamaniin, malee kaayyoon guddaa itti gaafatamummaa ulfa garaa haadha keessa jiru kana eeguu fi mirga isaa guuttuufidha.

Yaaddan dogongoraa dhimma maatii Kanaan walitti hidhata qaban hunda hubachuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf dubartiin takka qamaa kiyya akka barbaade godhuu mirga qaba jettee yoo kan yaaddu taate, ulfi garaa isii keessa jiru wanta

tasa uumame yoo fedhe ni keessummeessa yookiin ni dida jettee yoo yaadde, hanga rabbitti waa dabaluutti nama geessa. Akkasuma dhiirris hariiroon inni dubartii waliin godhuuf filate fedhii yeroo gabaabaatti xumuramu osoo hin taane, itti gaafatamummaa guddaa ta'uu beekutu isa irra jiraata. Namni kamiyyuu qaama isaatii fayyadamuun fedhii isaa guutachuu mirga guutuu qaba jedhee yaadu, qabeenya nama biroo kiyya jedhee itti fayyadamuuf akka yaaduuti. Kunis Rabbiin waliin abbummaa qaama walitti qabna jedhanii mormutti nama geessa.  Wanti akkasii iimaanaa fi tokkochummaa Rabbii wajjiin wal faallessa. Adeemsi Qur'aanni kabajamaan ulfa garaa of baasuu dhoorkaa ta'uu isaa mirkaneessuun yeroo hundaahuu burqaalee rakkoo balleessaa deema. Rakkoo akkana kana cufaa deemuun gara fuulduraatti hawaasni dhimma kanas ta'ee kana fakkaatuun akka hin rakkanne qarqaara. Yoo rakkoon kuni irra deebi'ee kan muldhatu taate, adeemsa rakkoo kanaa sirreessee karaa jalqabaa irratti deebisa.

Yeroo nuti amma keessa jiraannu kanatti namoonni rakkoodhaaf furmaata kan barbaadaniif erga rakkoon suni guddattee hawaasa biratti baratamtee booda. Sababootaa fi burqaalee rakkoon tuna uumte irraa ija isaanii qabachuun furmaata isii osoo hin barbaanne hafan. Kanaaf Qur'aanni kabajamaan burqaalee fi maddeen rakkoon kunniin irraa dhufan kan akka sagaagalummaa fi wantoonni fakkatoon hedduun hawaasa keessa akka hin facaane fi Namoota lamaan ofittummaa isaaniitti fayyadamuun fedhii saala isaanii guutachuu fi hawwii isaanii fiixaan baasuu malee yaada biraa hin qabne kana suuratul Al-nuur keessatti furmaataa sirrii

kaayee jira. Namoonni akkasii kunniin bashannana yeroo gabaabaa malee itti gaafatamummaa biraa fudhachuu hin barbaadan. San keessa itti gaafatamummaa hariiroon isaan taasisan sun fireessituudha. Itti gafatamummaa akkasii name fudhachuu danda'u nama namummaa ofitti amanuu fi hiikka jiruu qajeelatti hubateedha.

Haati manaa fi abbaan manaa addaan bahuun immoo addaan hiikisa amanaa namummaa jaraa walitti hiiteeti malee wantoota gaa'illi fireesse hin balleessitu. Haatii fi abbaan addaan bahanis da'imni isaan jiddutti dhalatu sun hariiroo isaanii akka hin cinne taasisa. Kutuunis hin danda'amu. Akkasuma wantoonni hiriiroon haadhaa fi abbaa warraa walitti hiite hedduun bu'uura namummaa irraa ka'uudhaan kabajamuu qabdi. Kanaaf wantoonni hedduun yeroo gaa'illi jiru kabajaman hundi isaaniituu yeroo addaan bahanis kabajamuu qabu. Wanti addaan bahiinsa haadhaa fi abbaatiin argamu yoo kan jiraatu ta'ee wal-qunnamtii saalaa gochuun hin danda'amu. Sababa kanaaf Qur'aanni kabajamaan abbaan manaa haadha manaa isaa ykn haati manaa abba warraa isii isa miidhuudhaaf ykn aarsuudhaan abbaan warraa haadha manaa isaa ykn haati manaa abbaa warraa isii mallaqa isaa karaa Rabbi hin hayyamneen akka irraa hin fudhanneef gadi jabeessee dhaamee jira. Kanatti aansuudhaan hariiroo gaarii gara nikaahaatiin waliitti dhufanii ijoollee fi qabeenya gaarii horatan san gara hariiroo fokkataa fi wal-dhaansoo faayidaa hin qabneetti geeddaran. Kuni qaamni lamaan akka wal miidhan taasisa. Keeyyanni armaan gadii dubbii akkana kana furuudhaaf akka heeraatti ilaalama.

وَإِن طَلَّقْتُمُوهُنَّ مِن قَبْلِ أَن تَمَسُّوهُنَّ وَقَدْ فَرَضْتُمْ لَهُنَّ فَرِيضَةً فَنِصْفُ مَا فَرَضْتُمْ إِلَّآ أَن يَعْفُونَ
أَوْ يَعْفُوَا۟ ٱلَّذِى بِيَدِهِۦ عُقْدَةُ ٱلنِّكَاحِ ۚ وَأَن تَعْفُوٓا۟ أَقْرَبُ لِلتَّقْوَىٰ ۚ وَلَا تَنسَوُا۟ ٱلْفَضْلَ بَيْنَكُمْ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ بِمَا
تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿٢٣٧﴾ البقرة: 237

Osoo mahrii isaaniif murteessitanii jirtanuu isaan tuquun dura yoo isaan hiiktan wakkaa waan isaanii murteessitaniifii kennaaffi, yaa abbaan warraa kan aangoon nikaahaa isa harka jirtu ykn haati warraa dhiifte walakkaan san kafaluuf hin dirqamtan, isii dhiisuutu soda Rabbiitti irra dhihoodha. Tola gidduu keessanii hin irraaffatinaa, Rabbiin waan isin hojjatan argaadha. (Al-baqara 237)
Wanta gaarii abbaan warraa ykn haati warraa qabdu dagachuus ta’ee dagachiifamuu hin qabnu. Akkasuma wantoota gaa’ila waliin dhufanii akka firiitti fudhatamanis salphamatti bira darbuun hin danda’amu.  Kan ta’uu qabu wantoota akka haadhaa fi abbaan warraa addaan bahan taasisan san geengoo dhiphaa keessatti walitti qabuun, hanga danda’ameen akka garaagarummaan jiru xiqqaatu taasisuun hedduu barbaachisaadha.  Kunis rakkoolee addaan bahiinsa boodaan dhufan xiqqeessuudhaan wal madaallii hariiroo gara fulduraa eeguuf nama fayyada.

**Roga diinagdee**

**Gaafii:** hubannoo Qur’aanaa irraa ka’uudhaan rakkoolee yeroo ammaa kana diingdee hubaa jirtu tana bifaa kamiin ilaalaa?
**Deebii:** Qur’aanni kabajamaan diinagdeen ilmi nama qabu hunduu qabeenyummaan isaa Rabbioi waan hunda uumeef

ta’uu isaa mirkaneessa. Ilma namaa immoo bakka bu’ummaadhaan qabeenya kana itti fayyadamaa bulcha.

ءَامِنُواْ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ وَأَنفِقُواْ مِمَّا جَعَلَكُم مُّسۡتَخۡلَفِينَ فِيهِۖ فَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مِنكُمۡ وَأَنفَقُواْ لَهُمۡ أَجۡرٞ كَبِيرٞ ٧

الحديد : 7

Rabbii fi ergamaa isaatti amanaa waan inni bakka bu’aa isin taasise irraatis kennadhaa, isin irraa isaan amananii, arjoomaa isiniif mindaa guddaatu jira (Al-hadiid 7)

Wantoonni babbareenni hundi qabeenyummaan isii kan Rabbii guddaati. Kana jechuun qabeenyummaan diinagdee fi wantoota gaggaarii hunda kan ilma namaa biratti argamu qabeenyummaa itti fayyadamuuti. Kanaaf abbaan dhugaan qabeenya kanaa Rabbiin guddaan qajeelfamoota kennuu keessatti mirga qaba jechuudha. Namni tokko akkamitti akka oomishu, sooratuu fi qabeenya isaa akkamitti akka raabsuu qabu qajeelfamni Rabbii guddaa irraa itti kennamee jira.

Damee kana irratti qajeelfama Rabbii guddaa qajeelatti hubachuu barbaachisa. Qur’aanni kabajamaan itti gaafatamummaa namatti kenne kana bu’uura walii galtee irraa ka’uudhaan ilmi namaa wantoota gaaarii fi qabeenya Rabbi isa bira kaayate kana akka Rabbi ajajuu fi karaa sirrii ta’een addaan qoodachuun qananii guddaa waan ta’ee ilmi namaa kana beekee Rabbii isaa galatoomfatuu qaba. Rabbiinis itti gaafatamummaa kana inni bahachuu fi dalaqaa sirrii dalaguu isaatiif isaa galatoomfata.

Wanti biraa kan hubachuun dirqama ta’u, Rabbiin guddaan ilmaan Aadam hunda isaaniituu maatii tokko irraa kan wal horte jedhee dubbatee jira. kanaaf wantoota dachee keessatti uumaman hunda isaatuu bifa wal qixa ta’een wajjiin itti

fayyadamu. Wantoota Rabbiin uume kana hunda isaatu ilma namaa kanaaf waan ta’eef, Uumaa Rabbiin uume kana namni kamiyyuu akka maatii tokkootti wal-qixa itti fayyadamuu qaba. Namni kamiyyuu haqa isaa dachee tana keessatti akka argatuuf, karaalee Qur’aanni kabajamaan, muuxannoon ilmi namaa lafa kaaye fi seeronni hedduun tumamanii jiru. Karaalee kana namni hubduu beekuu isa barbaachisa. Dogoggorri kamiyyuu dirree kanatti uumamu, dogoggora ilmi namaa dirree oomishaa soorannaa fi qoodinsa qabeenyaa keessatti uumuudha.

## Meeshaalee wal jijjiirraa

Daldala keessatti ilmi namaa abuuree kan argatee fi amantaan Islaamaas qajeelfama isaatiin kan deeggare Meeshaalee wal jijjiirra mallaqati. Kunis wantoota bu’aa ilma namaa buusanii fi gaggaarii ta’an akka ittiin wal geeddaraniif qarqaara. Ilmi namaa meeshaa meeshaadhaan wal jijjiiruu bira erga darbee booda, seera warqii fi meeta irratti hundaa’ee battaa fi gurgurtaa isaa ittiin adeemsisataa jira. Dubbiin kuni magaalaa fi baadiyaa osoo hin jenne seera warqii fi meetaatiin meesha wal irraa bitanii walitti gurgurataa jiratan. Kunis bu’aa fi wantoota gaggaarii akka walii qoodanii jiruu gaarii jiraatan isaan taasisee jira. Garee, gosaa fi hawaasni guutuun wantoota isa barbaachisu argachuuf meeshaalee wal jijjiirraa kanatti fayyadamu.

Meeshaalee wal jijjiirraa mallaqaa kana irraa gara boodaatti wanti gaatii dabalataa jedhamu tokko uumamaa dhufee jira. Namni tookko wanta namoonni biraa itti haajaman gurguree

gatii want gurguree san namoota irraa ni fudhata. Wanta ofii barbaadu too bitatu immoo mallaqani murtaawaan wahii harka isaa keessatti hafa. Mallaqni harka isaa keessatti hafe kuni akka ifaajee inni meeshaa oomishuuf taasiseeti fudhatama. Xumura irratti mallaqni kuni gara meeshaatti deebi'a. yeroo meeshatti deebi'u kana wanti dhala jedhuu uumamuu danda'ee jira. namni dhala dalagu ifaajee fi  balaa gara fuul-duraatti irra gahu osoo hin ilaalin gatii dabalataa isa bira jiru san namaaf liqeessee, mallaqa leqeessee ol harka hedduun kan caalu akka dhalaatti fudhata. Haala namni keessa jiraatuu fi wantoota isaan barbaachisu ilaaluun dhala isaa dabalaa dhufa. Fedhii fi rakkoo namni keessa jiraatu osoo yaada keessa hin galchine nama irratti dhala dabalaa dhufu. Amantiin hunduu dhala dhoorkaa taasisuu wajjiin bu'aa miidhaa of keessaa hin qabne argachuuf jecha namoonni hedduun dhoqqee dhalaa kana keessatti kufanii argamu.

Dhimmi namoonni mallaqa dhalaan walii leqeessuu kuni hanga warra dhihaa yaada baankilee babaldhisuu jedhu fidanitti itti fufee jira. Baankileen kunis dhaabbata dhala facaasuu fi mallaqa gatii dabalataa irraa dhufe kana nama liqeessuun itti fufee jira. Kunis qabeenyi bakka tokkotti walitti akka kuufamuu taasisee jira. Gara biraatiin immoo hawaasa keessatti hiyyuummaan akka babaldhattu taasisee jira. Dhimmi kuni gara fincila hawaasaatti geessee namni gara abbootti qabeenyaa fi dalagdootaatti adda qoodamee jira. Dubbii kana irraa rakkooleen hedduun uumamanii biyyoonni Awurooppaa fi Ameerikaa borjaaja'iinsa keessa galanii jiru. Hayyuun Maarkis jedhamu yaada abbaa qabeenyummaa jedhu kana

kuffisee qabeenya waliinii ykn ummataa jedhu fidee ture. Yaanni Maarkis kunii fi yaanni hayyoonni biyya Ingliiz baasan rakkoo dhalaa guutumaan guututti furuu hin dandeenne. Sababni isaa bakki rakkoon jirtu qabeenya waliinii horachuun ykn abbaa qabeenyummaa ta'uudhaa miti. Kanaaf qabeenya nama dhuunfaa gara qabeenya waliitti deebisuun rakkoo kana furuu hin dandeennu. Rakkoo jiru furuu kan dandeennu yoo dubbii dhalaa kanaaf furmaata barbaanne qofa. Dhala, walii galtee dhalaa fi namoota dhala nyaatan yoo daangaa itti goone qofa. Dhala namaa rakkoo kana irraa isa tiiksuudhaaf oomisha dabaluu, sirna soorannaa sirreessuu fi qabeenya hawaasa giddutti wal-qixxuummaadhaan qooduu danda'uudha. Fedhii hawaasa guutuu fi rakkoo mallaqa furuuf sirna qabeenya dhala irratti hin hundoofne uumuu danda'uudha. Karaalee hawaasni nu duraa fayyadamaa ture kan akka qonnaa, kiraa fi daldala mallaqaa fi humnaan walitti hirmaachuun osoo dhala hin makatiin hunduu ifaajee akka jiratu taasisuudha. Kunis wal-qixxummaan qabeenya horachuu keessatti akka uumamu taasisa. Namni tokko ifaajee kuni taa'ee akka hin nyaanne karaa cufaa deema.

Dameelee dhalaa irraa walii galteeleen dirree oomishaa, fi qabeenya qooduu, soorannaa keessatti bifa adda addaatiin babaldhataa dhufuu rakkoolee hedduu uumtee jirti. San keessaa namni waan harkaa hin qabne fi liqaa qaama biraa irraa fudhate deebisanii gurguruu fa'aan babaldhataa dhufee jira. kunis qabeenya hawaasa guutuu abbootii qabeenyaa fi baankota gidduu akka naannawuuf karaa bane jira.  Namoota biroo qabeenya rabbi isaanii uume kanatti akka hin

fayyadamne isaan taasisee jira. sirni dhalaa hariiroo Rabbiin guddaan (S W ) qabeenya waliin qabu dhabamsiisuun kuni tokkochummaa rabbi waliin wal-faallessa.

Sirna dhalaa keessatti qaamni dhala kennu sadarkaa kam irrattu nama dhuunfaa, baankii fi dhaabbatas yoo ta’e qabeenya isaani guddisuuf jecha bolala qaban. Akkasuma yaada abbaan dhugaa qabeenya kanaa Rabbii guddaadha, ilmi namaa immoo qabeenya kana sochoosuu keessatti bakka buufamaadha jedhu diiguudhaaf tattaafatan. Ammas haqa namoota dadhaboo Rabbiin qabeenya kana keessatti lafa kaayes ballessuuf tattaaffii cimaa taasisan.

Rabbiin guddaan akkana jedha.

وَفِيٓ أَمۡوَٰلِهِمۡ حَقّٞ لِّلسَّآئِلِ وَٱلۡمَحۡرُومِ ١٩ الذاريات: 19

*Namoota harka qaldheeyyii fi nama kadhatuf qabeenya isaanii keessa haqatu jira. (Al-zaariyaat 19)*

Kanaaf dubbiin keennaa yookiin arjooma filannoodhaan godhamu osoo hin taane haqa isaaniiti jechuudha. Takkochummaan Rabbii gara dhimmi isa duraatti akka deebinu nu ajaja. Sunis qabeenyi kan Rabbii guddaati, ilmi namaa immoo qabeenya kana sochoosuudhaaf bakka buufamaadha. Namni kamiyyuu qabeenya kana sochoosuu keessatti mirga guutuu hin qabu. Sirni dhalaa kuni wantoota amantaa kam birattuu fudhatama hin qabneen walitti waan makamteef amantii ergamtoonnii fi Nabiyyoonni Raabbii ittiin dhufan hundaa wal faallessiti. Kanaaf amantiileen Rabbi biraa dhufan hundi isaaniituu abbootiin qabeenyaa mallaqa isaanii irraa namoota hiyyeessa ta’anii fi hajamaniif kennuun, isaanitti

tola ooluu osoo hin taane haqa isaanii kennuufii akka ta’e ni mirkaneessiti.

Sababa kanaaf qabeenyi hiyyeessaaf kennamu ykn gara hiyyeessaatti deebi’u kun zakaa abbootii qabeenyaa irratti dirqama ta’eedha. Kuni haqa hiyyeessaaf jedhamee qabeenya dureessaa keessa kaayameedha. Kanaaf Qur’aanni kabajamaan kaayyolee sadan tokkochummaa, Qulqullummaa fi misoomaa yoo insu sirna qabeenya haqummaa irratti ijaaramee hunda dura dursee lafa kaayee jira. kunis sirna qabeenya kaappitaalizimii ykn sooshaalizimii of keessatti hin hammatu.

Burjaaja’iinsa qabeenyaa addunyaa muudate kana keessatti dhalli namaa doolaara triiliyoona kudha lamaa ol kasaaree jira. Qabeenyi kuni lafa kana irraa hurkee kan bade osoo hin taane kiisii namoota muraasaa keessa galee hafee jira. Namoonni kunniin akkamitti rakkoo akkanaa kana uumuun ifaajee namoota hedduu saamuu keessatti dandeettii cimaa qabu. Adeemsi akkanaa kuni namoonni hiyyeessa ta’an hiyyummaa akka dabalatanii fi namoonni dureessa ta’an immoo durummaa akka dabalataniif haala mijeessa. Tattaaffiin rakkoo kana furuuf godhamtus namoota miidhaman dhiiftee gara bu’aa namoota dureessaatti xiyyeeffatti. Baankiilee fi abbootii qabeenyaa qarqaaruuf tattaaffileen hedduun godhamanii jiru. Kunis akka dhalaa fi sirni isii dagaagee lalisuuf karaa bane jira. Ilmi namaa osoo kaayyoolee gurguddoo Qur’aanaa qajeelatti hubatee dhala irraa fagaachuu akka qabu ni murteessa ture. Sirnoota qabeenyi irratti ijaarame hundaahuu qajeelatti irra deebi’ee ilaala ture. Ilma namaa dhala irraa tiiksuuf tattaaffii

cimaa godhan ture. Walii galtee dhala irraa uumamtee, ilma namaatiif hiyyummaa irraan hiyyummaa akka dabalatu fi burjaaja'iinsi qabeenyaa akka uumamuuf sababa taate tana hunda sirreessuun ni danda'ama ture. Osoo koreen hayyoota shari'aa kaayyoo amantaa Islamaa qajeelatti hubattuu fi hayyoota diingdee, siyaasaa fi hawaasummaa irraa walitti qabamanii rakkoo kanaaf furmaata lafa keenna jedhani, furmaanni cimaa kaayyolee Qur'aanaa gurguddoo akka ta'an salphamatti hubachuu ni danda'an ture. Furmaanni mootummoonni namoota miidhaman dhiisanii, baankilee fi daldaaltota humana namaatiin jiraatan qarqaaruuf godhan fala ta'uu hin danda'u. Namootni isaan dhiisan sunniin irra caalaan isaanii mana jireenyaa fi mallaqa jiruu isaaniitiif gahu hin qaban.  Rakkoo burjaaja'iinsa diinagdee fi rakkoolee biraa addunyaa kana hurgufaa jirtu furuuf Rabbiin ummata keenna kana gara Qur'aanaatti akka isaan deebisu kadhannaafi.

### Dhaamsa xumuraa

Kaayyoleen Qur'aanaa gurguddoon hayyoota fiqhii geengoo hubannoo cinaa irra gara hubannoo guutuu fi beekkumsa guddatti akka isaan cihan gooti. Kunis rakkoolee fi  jijjiirama jiruu hawaasa muudatu kamiyyuu bifa salphaan hubatanii akka furmaata barbaadan isaan qarqaarti. Hubannoon akkanaa kuni wantoota bu'aa ummataa ta'u hunda walitti qabuu, wantoota miidhaa ummata irraan gahan hunda karaa itti cufuu fi ummannis rakkoolee isaan muudattu kamiyyuu akka hinjifatuuf isaan deeggarti. Yoo akkas ta'ee argame seera qabeessummaa Qur'aana kabajamaa fi kaayyoleen isaa

gurguddoon hangam tokko akka dhala namaa fayyadan hubachuu ni dandeenna. Akkasuma mirgaa fi dirqama namoota hedduu fi bicuus hubannee rakkoo isaan muudatuuf akka furmaata barbaannu nu qarqaara. Barreeffamni kuni haarawa fakkaatus hiriyyoonni (sahaabonni) ergamaa Rabbii hedduun isaanii kan akka Abuubakrii, Umar, Aliyyii fi Aa'ishaa (Rabbiin isaan irraa haa jaalatu) dalagaa fi dalagaa isaanii keessatti argamee jira.

**Rabbiin nu hundaahuu haa milkeessu.**

# Kitaabni Kun

Barruu xiinxallaan Islaamaa Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii jedhamu fiqhii ergaalee shari'aa irratti dhimmoota hojiin agarsiifaman irratti barreesse bifa haasayaatiin dhiyeessa. Ergaalee shari'aa kan jedhaman toowhiida (Rabbi tokkicha jechutti amanuu), Tazkiyaa (lubbuu ufii badirraa qulqulleessuu) fi Umraan (lafa ijaaruu ykn kunuunsuudha). Kunis ergaalee gurguddoo hojii namummaa namaa madaaluu irratti murtii kennan irraa fudhatameeti.

Haasoyni as keessatti taasifame, seerota beekkumsaa kanneen fiqhii waa'ee hawaasa Muslimaa hagoo, rakkoolee ammayyaa, gaafiiwwanii fi gufuuwwan isaatiin wal-qabatee ilaalchiseeti. Haasofsiisaan kun fiqhii dhaalaan argame irra deebiin ilaalaa, tattaaffiiwwan beektonni Islaamaa taasisan beektota ykn ogeeyyota dhimma sanii fiduun jajjabeessaa; akkas godhuun sun ilaalcha ergaa shar'aa guddisa, murtiiwwan fiqhii taateewwan haaraya argaman irratti lafa qabsiisuuf nama gargaara jechutti yaama.

Haasofni kuni kan irratti fuulleffate, ergaalee shari'aa hojiin lafarratti agarsiisuu keessatti hariiroo namoomaa kan dhimmoota nagayaa fi waraanaan wal-qabatan irratti. Ammas yaad-rimee jihaada jedhu, hariiroowwan maatii, gaaga'ama diinagdee kan seera bu'uuraa nama waa tattaaffii taasisu (ijtihad) fi kan fatwaa kennu bifa waan san hojiin agarsiisuutiin akka inni beekkumsa Qur'aanaa fi sunnaa Nabiyyiitti gayuu danda'u isa taasisuus ibsa.